



Ayyaanni Masqalaa ayyaana nagaa, jaalalaafi tokkummaan itticalaqqisiifamuudha

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Ayyaanni Masqalaa ayyaana nagaa, jaalalaafi tokkummaa agarsiisuun ayyaaneffamu ta'uu Paatiriyaarkiin Batasakaana Ortodoksii Itoophiyaa Abuna

Maatiyaas ibsan. Ayyaana Damaraa Masqalaa Kamisa darbe Finfinnee, Addababa'ii Masqalaatti kabajamerratti ergaa бага ittiin isin ga'ee dabarsaniiru.

Ergaasaanii keessatti falaasamniifi ogummaan Giriikotaa giddugaleessa

bahaa, Afrikaa Kaabaafi Ardi Awurooppaatti babal'atetti Yesuus Kirstoos foon uffatee biyya lafaarratti dinqiiwwan garagaraa raawwachuu eegale. Hinaaffaan irratti ka'uudhaan fannoorratti fannisanii ajjeesuun fannoosaa awwaalan.

Gara fuula 14 tti

Siingee
Dheeggansa barbaadden kamiiful.
871 irratti nuu bilbilaa



"Nutu, Itoophiyaanonni yoo ida'amne akkuma damaraa cimneefi ifnee mul'anna"

-Doktar Abiyi Ahmad

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Ministirri Muummee RFDI Doktor Abiyi Ahmad ergaa Ayyaana Masqalaa sababeeffachuun dheengadda dabarsaniin "Ijoollee keenyatti hiika amantaafi aadaa damaraa agarsiisuutti

Gara fuula 13tti


Wiirtuuleen Aadaa Finfinneetti ijaaramaa jiran aadaa Oromoo deebisuuf gahee guddaa gumaachu

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Wiirtuuleen Aadaa Oromoo Magaalaa Finfinneetti ijaaramaa jiran Aadaa ummata Oromoo Finfinneetti deebisuuf gahee guddaa taphachuu kan danda'an ta'uu Biirron Aadaafi Turizimii Oromiyaa beeksise.

Biirichatti Daarektarii Misooma Sona Aadaa, Afaaniifi Hambaa Obbo

Gara fuula 13tti



Abbaa Gadaa Sabboogaa Lataa



Abbaa Gadaa Dhaabaa Takkaa



Abbaa Gadaa Lataa Bayyanaa

"Malkaa Irreechaa bu'uun dura araarriifi jaalalli manaa eegalamuu qaba"

- Abbootii Gadaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Ummatni malkaa Irreechaa bu'uu dura uumaafi uumamatti araaramuun jaalala dhugaa manasaa irraa cegaluu akka qabu Abbootiin Gadaa hubachiisan.

Abbootiin Gadaa tibbana Gaazeexaa

Bariisaaf yaada kennan, Irreechi araara, nageenyaafi jaalala waan ta'eef osoo malkaa hin deemin dura araara buusuufi jaalala uumaafi uumamatti agarsiisuun manaa eegaluuun sadarkaa biyyaatti tarkaanfachu akka qabu ibsaniiru. Sirni irreeffannaas bu'uuruma duudhaa

Irreechaatiin eebba Abbootii Gadaafi saaqiinsa Abbaa Malkaati taasifamuun kabajamuu akka qabus yaadachiisaniiru.

Abbaan Gadaa Tuulamaa Finfinnee, Sabboogaa Lataa akka jedhanitti, haaloofi cubbuu garaatti

Gara fuula 13tti

ODUU

Raajii 2ffaa Salaaleen biqilchite qormaata kutaa 12ffaa 568 galmeessise

Waasihun Takileetiin

Adaamaa: Barataa Raajii Tasfaayee Godina Shawaa Kaabaa, Aanaa Warra Jaarsoo, Ganda Awwaaree Goljeetti dhalatee guddate.

Kutaa 4ffaarraa kaasee hanga 12ffaatti sadarkaa 1ffaa bahaa kan ture yoo ta'u, qormaata kutaa 12ffaa bara 2016n Mana Barumsaa Addaa Yunivarsiitii Salaaleetti fudhatee qabxii olaanaa galmeessisuun badhaafameera.

Raajiin ofkennee barnootasaa hordofaa turuu eeree, dhamaatee haadhaafi abbaasaaf gatii baasuuf kutannaan socho'aa jiraachuu dubbata.

Biiroon barnoota Oromiyas barattoota qormaata kutaa 12ffaa qormaata 2016n qabxii olaanaa galmeessisan 305 addatti Kamisa darbe kan badhaase yoo ta'u, barataa Raajii Tasfaayees badhaafamtoota keessaa isa tokko.

Barataa Raajiin qormaata biyyaalessaa kutaa 12ffaa bara 2016 kenname hedduun ittikufan keessaa qabxii daran olaanaa 568 kan galmeessise yoo ta'u, badhaasa kompiitara laaptooppiii" koor " I "7fi meedaaliyaa dhuunfateera.

Qabxii galmeessiseefi badhaasa argateen kan onnate Raajiin yunivarsiitii galee ogummaa doktora meedikaan leenji'uuf of qopheessaa jiraachuu kaaseera. Qabxii daran olaanaa amma galmeessiseef bu'uura kan ta'eef hawaasa mana barumsaafi maatiisaa ta'uus dubbateera.

Maatiisaa lafa yaade gahuuf isa humneessaa turuu himee, keessumaa banamuun mana barumsaa Addaa Yunivarsiitii Salaalee seenaasaa jijjiiruu dubbata. Kanaan dura carraan manneen barnootaa addaafi bultii addaatti barachuu dhiphaa ta'uu yoo kaasu ilmaan hiyyeessaa ga'umsa osoo qabanii haala mijataa barnootaaf dhabuun lafa yaadan kan hanqatan jiraachuu himeera.

Barattooni osoo dandeeitti addaa qabanii



Raajii Tasfaayee

carraa mana barnootaa addaatti barachuu dhabuurraa kan ka'e duubatti hafuun amma hafa jiraachuu yaadachiisee; cimani hojjechuun akkasa carraa kana akka qooddatan dhaameera.

Barattuu Salaamaawwiit Gabrawaldis Bulchiinsa Magaalaa Shaggar, mana barumsaa dhuunfaa Evarastirraa qabxii olaanaa 558 fiduun kanneen badhaafaman keessaa ishee tokko yoo taatu, fuulduratti paayleettii ta'uuf mul'ata akka qabdu kaasteetti.

Keessumaa badhaasaafi Meedaaliyaa BBOon isheef kenne daran kan ishee onnachiisu mul'ata qabatee kaates galmaan akka geessuuf akka ishee onnachiisu himteetti. Milkaa'inashii kana duuba deeggarsi maatii, barsiisotaafi mana barumsaa qooda guddaa akka fudhatu himteetti.

Barattooni keenya ga'umsa qabnu ganamumaa seeraan ittifayyadamnaan lafa yaanne gahuu dandeenya jettee dagannaan umrii dargaggummaatti mudatu ceggattummaa



Salaamaawwiit Gabrawaldi


qaqqabsiisuu akka dandahu ibsiteetti.

Rabbifaana mul'ata paayleettii ta'uu qabatee kaate milkeeffachuuf humna guutuun akka hojjetu yoo himtu barattooni duubarra jiranis cimani hojjechuun akka qaban dhaamteetti.

Barataa Iyyoob Fiqaaduu Godina Qellem Walaggaa Yunivarsiitii Dambidooloo Mana Barumsaa Addaa Nagaasoo Gidaadaarraa qabxii 539 galmeessisuun yoo badhaafamu misoomni barnootaa Oromiyaatti jalqabe hayyoota biqilchaa jira jedha.

Yunivarsiitii galee barnoota Fiiziksiin leenji'ee biyyasaa gargaaruuf kan qophaa'uu eeree; badhaada BBOon kenneefiin onnatee mul'atasaa milkeeffachuuf humnaguutuun akka hojjetu ibseera.

Mootummaan warraaqsa misooma barnootaa eegale kana cimsee ittifufnan hayyoni diroonii, ibsaa, ogeessoniifi qorattooni wabii biyyaa ta'an akka horataman waangodhuu barattooni carraa argame kana haalaan



Iyyoob Fiqaaduu

fayyadamuu akka qaban dhaaneera.

Biiroon Barnoota Oromiyaa barattoota bara kana qormaata biyyoolessaa kutaa 12ffaa qabxii olaanaa galmeessisan keessumattuu qabxii 530 ol fidaniif badhaasa kompiitaraafi meedaaliyaa kenneera.

Milkaa'ina manneen barnootaa Addaafi Bultii Addaatti galmaahe kana dachaan misoomsuun Oromiyaa badhaate dachee kalaqni itti maddu ogeessoni itti biqilan taasisuuf ciminaan akka irratti hojjetamu Hogganaan BBO Doktor Tolaan Bariisoo dubbataniiru.

Sadarkaa gadiirraa kaasee misooma barnootaarratti hojjechuun dhaloota egeree biyyaaf wabii ta'e horachuuf kutannoon hojjetamaa jiraachuu yaadachiisaniiru.

Dhimmi qulqullina barnootaa mootummaaf qofa kan dhiifamu waan hintasneef hawaasni mana barumsaas abbootiin qabeenyaas deeggarsa barbaachisu taasisuu akka qaban dhaamaniiru.

Omisha yeroo ammaa oyiruurraa jiru keessaa hektaarri miliyooni 9.4 aramame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Omisha bara 2016/17 sanyiin uwwifame keessaa hektaarri miliyoona 9.4 marsaa lammaffaaf aramamee kunuunfamaa jiraachuu Biiroon Qonnaa Oromiyaa ibse. Hektaara kuma 195fi 143 irratti waagiin mul'ate biifaa keemikaalaa geggeeffameen dhibbaan 97 to'annoo jala ooluun ibsame.

Biiirichatti darekterri eegumsa biqiltuu Obbo Boonaa Hirphasaa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaafi akka ibsanitti, bara omishaa 2016/17tti hektaara miliyoona 10.8 sanyiidhaan uwwifame keessaa hektaarri miliyoona 9.4 (%90) marsaa lammaffaaf armamee kunuunfamaa jira. Kanneen hafanis aramaaf ga'aa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, Adoolessarraa eegalee hojiin duula torbee kunuunsa midhaanii labsame ammas ittifufeera. Yeroo ammaatti bakka armaan ga'etti armaan marsaa

Gara fuula 14tti

Irreechi Oromiyaafi Oromiyaan ala hanga Onkololeessa 30tti kabajama

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Irreechi Oromiyaafi Oromiyaan alatti hanga Onkololeessa 30tti kan kabajamu ta'uu Gumiin Abbootii Gadaa Oromoo beeksise.

Gumichi ibsa Kamisa darbe miidiyaaleef kenneen akka beeksiseetti, Irreechi Hora Finfinnee Fulbaana 25, Hora Harsadeetti Fulbaana 26 Naannoo Beenishaangul Gumuzitti Onkololeessa 03, akkasumas Naannoo Gambeellaatti Onkololeessa 10 bara 2017 kan kabajamu ta'a.

Walittiqabaan gumichaa Abbaan Gadaa Warqinaa Tarreessaa akka jedhanitti, Irreechi duudhaa ittiin kabajamu kan mataasaa waan qabuuf akkaataa duudhaasaatiin kabajuutu barbaachisadha.

Namni ayyaanicha kabaju marga jiidhaa, daraaraa keelloo qabatee, uffata aadaan faayamee, yoo danda'e faaruu irreessaa faarsuun kabajuu barbaachisaa ta'uu himanii; safeeffannaa Akaakileefi Abaabilee



Oromoorraa dhaalameen kabajuun xinnaan guddaa jalaa goruun kabajuu qabna jedhaniiru.

Irreechi ayyaana guddaa Oromoon marri waaqa bacaqii gannaa keessaa isa baasee booqaa birraa isa gahe itti galateeffatu waan ta'eef hirmaattotni ayyaanichaa qajeeltoo Abbootiin Gadaa kaa'an hordofuun jaalala, tokkummaa. obbolommaafi gammachuutiin kabajuu qabu jedhaniiru.

Walittiqabaa Ittaanaan Gumichaa Abbaan Gadaa Gobaanaa Hoolaa gamasaanitiin akka jedhanitti, irreechi faajii tokkummaa uummata Oromoofi ayyaana hariiroo uummata Oromoofi Sabaafi Sablammoota biyya kanaa cimsuudha.

Kabaja ayyaanicharratti jaalalaafi kabaja saba Oromoof qaban ibsuuf sabaafi Sablammootni naannoolee garaagaraarraa

Gara fuula 14tti

Naannoo Affaaritti calalliin ajandaa marii biyyalessaa Fulbaana 21-27tti gaggeeffama

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Nannoo Affaaritti calalliin ajandaa marii biyyalessaa Fulbaana 21-27 bara 2017tti akka gaggeeffamu Komishiniin Marii Biyyalessaa beeksise.

Komishinichatti ogeessa olaanaa hordoffiifi madaallii karoora Obbo Gizaachoo Maaruu Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, qophii marii biyyalessaaf calalliin ajandaa naannoo Affaar Fulbaana 21-27tti gaggeessuuf qophiin taasifamaa jira. Kana milkeessuuf leenjiin leenjistootaa Fulbaana 9-11, leenjiin mijeessitoota haalaa ('moderators') Fulbaana 13-15 gaggeeffamuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, mariin calalliin ajandaa sadarkaa naannooti gaggeeffamu boqonnaa garagaraattii qoodamee gaggeeffama. Kutaa inni jalqabaa marii Fulbaana 21-23tti gaggeeffamu ta'uu himanii; marii jalqabaa kana keessatti hirmaattota qaamolee hawaasaa sagalirraa bobba'an anaalee 49 irraa hirmaattotni 880 hirmaatu jedhan. Hirmaattoti kunneen garee xixiqqaatti qoodamuudhaan afaan naannichaatiin ajandaalee marii biyyalessaaf galtee ta'a jedhan irratti mari'atu.

Qaamolee mootummaa sadan, siivil sarviisii naannoo, waldaaleefi dhaabbilee 16, paartiilee siyaasaafi namoota dhiibbaa gaarii uuman dabalatee qoodafudhatooti Fulbaana 25-27tti kan mari'atan ta'uu ibsaniiru.

Qaamoleen kunneen boqonnaa marii kaa'ameefin ajandaa isaaniirratti mari'achuudhaan kan waloo taasisuun ajandaafi hirmaattota naannichaa bakka bu'anii marii biyyalessaa irratti dhiyaatan filuun Komishinii Marii Biyyalessaatti kennu. Komishinichis aangoo labsiin kennameef bu'uura godhachuudhaan walitti qabee ajandaalee naannolee biraatii walitti qabaman waliin qindeessuun kan dursa laatamuuf dursa kennuudhaan marii biyyalessaa waliigalaaf dhiyyeessa jedhan.

Adeemsa kana keessatti qaamolee hawaasaa sagaliifi qooda fudhatootaan hirmaachisuudhaan marichi hirmaachisaafi hunda hammataa akka taasisu ibsaniiru. Haala qilleensaa nannichaafi haala jireenya ummataa ilaalcha keessa galchuudhaan galmoota marii bal'aafi ventileeterii qabu sadii adda ba'ee qophaa'ee jira.

Dabalataaniis aanaaleerra namootni deeggarsa kennan ogeessotni komishinichaa gara kana utuu hindhufin odeeffannoon marii biyyalessaa namoota hirmaatan akka qaqqabu ta'eera. Odeeffannoo saffisaan dabarsuuf mala odeeffannoo naanichatti ittiindarbu, Daaguu akka fayyadaman ibsaniiru.

Baay'een hawaasa naannichaa horsiifate bula'aa waan ta'aniif rakkoo hanqina geejjibaa jiru furuuf qaamolee hawaasaafi waldaalee barsiisotaa akkasumas, paartiilee siyaasaa waliin ta'uun filannoon geejjibaa akka dhiyaatuuf taasifameera. Ittaansuudhaan

Gara fuula 15tti

Goobeefi Shinooyyee: Sirba gammachuu waqtii birraa

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Ummata Oromoo biratti Waqtiin Gannaa dukkanaafi rakkinatti fakkeeffama waan ta'eef bari'uun Birraa miira gammachuudhaan eegama.

Waqtiin Birraa yeroo itti walargan, yeroo midhaan ganna faca'e daraaree itti mul'atuufi yeroo dacheen magariisa uffattee itti bareeddu waan ta'eef ummachi waqtii birraa kan ittiin simatu barsiifataafi afoolota garaagara qaba.

Birraan bari'uusaatiif dargaggeessifi Shamarran Oromoo miira gammachuusaanii sirba Goobeefi Shinooyyee sirbuudhaan ibsatu. Sirbootni kunneenis baay'inaan ergaa jaalalaa, hawwii gaariifi gootummaa kan dabarsan yoo ta'u, akkaataa barbaadamuun qoratamuun qixa guddachuu qabaniin guddachuu baatanis osoo hinbadiin har'a gahaniiru.

Sirboota kanneen agarsiisuun misoomsuuf waggoota Jahan darban keessa Biirtoon Aadaafi Turizimii Oromiyaa sadarkaa naannooti Kaarnivaala Goobeefi Shinooyyee Magaalaa Finfinneefi magaalota Oromiyaa birootti waggaa waggaaadhaan qopheessaa jira.

Hoggantuun biirichaa Aade Jamilaa Simbiruu sagantaa Goolaba Kaarnivaalichaa baranaa Wixata darbe taasifamerratti haasaa taasisaniin akka jedhanitti, Oromoon bacaqii gannaa keessaa gara booqaa birraatti yommuu ba'u miira gammachuusaa karaa ittiin ibsatu keessaa tokko Goobeefi



Suurri Haddash Abrahaatiin

Hirmaattota festivaalichaa keessaa

Shinooyyedha. Goobeefi Shinooyyee har'a kan jalqabaman osoo hin taane durii kaasee yommuu Birraan bari'u Qeerroofi Qarreen Oromoo manaa manatti deemanii sirboota bari'uu Birraa ittiin labsaniidha.

Sirbootni calaqqee Oromummaa ta'an kunneen sirnoota darban keessa Finfinnee keessatti awwaalamanii turan jedhanii; mootummaan jijjiiramaa aarsaa saba Oromootiin aangooti dhufe sirbootni kunneenifi aadaan Oromoo lafa cabe hundatti deebi'ee akka misoomu gochuuf tarsiimoofi hojmaata mijataa bocee hojjechaa jira jedhaniiru.

Biirichi sirbootni kunneen beekamtii argachuun gara Kaarnivaalaatti akka

guddatan taasisuun Yuneskoorratti (ENESCO) akka galmaa'anif hojjechaa kan jiru ta'uu himanii, sirbootni kunneen Qeerroofi Qarreen akka wal arganiifi hariiroosaanii akka cimsatan gochuuf kan gargaaraniidha jedhaniiru.

Guyyootan 13 darban keessa Finfinneefi Shaggar keessatti akkaataa Qeerroofi Qarreen Kaarnivaalicharratti hirmaachuun aadaa Oromoo fraaafi diinatti agarsiisaa turan daran kan nama boonsu ta'uu himanii, naamusni isaan agarsiisan kun guddummaa Oromoo kan agarsiisuudha jedhan.

Hundeessaafi Hojigaggeessaan Dhaabbata

Gara fuula 13tti

Ji'oota lamaan darbanitti miseensotni Shanee 728 ol mootummaatti harka kennatan

Rippoorata Gaazexichaatiin

Finfinnee: Ji'oota lamaan darbanitti tarkaanfii qindaa'aa ummataafi qaamolee nageenyaatiin Shaneerratti fudhatameen miseensonni Shanee 728 ol mootummaatti harka kennachuu godinaaleen Shawwaa Lixaafi Wallagaa Lixaa beeksisan.

Bulchaan Godina Shawwaa Lixaa Obbo Didhaa Guddataa Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, tarkaanfii uummataafi qaamolee nageenya godinichaa waliin ta'uun fudhataniin miseensonni Shanee hidhannoo guutuu waliin mootummaatti harka kennachaa jiru. Gochi farrummaa murna kanaa godinichatti dadhabaa waan jiruuf sochiin misoomaa gama hundaan fooyya'aa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, dargaggooti dogoggoraan Shaneetti makaman yeroo ammaa gochoota saamichaafi ajjeechaa murnichaan ummatarratti raawwatame hubachuudhaan bittinna'aa jiru. Bakka murni kun mandheeffate qaamolee nageenyaatti eeruu kennuufi nyaata dhorkachuun hirmaannaan ummatni taasise barbaada'uu murna kanaaf shoora olaanaa taphateera.



Obbo Didhaa Guddataa



Obbo Solomon Taammiruu

Warri harka kennatan ummata dhiifama gaafatanii hawaasatti akka makamaniif haaromsii mootummaa naannootiin kennamaa jiraachuu himanii; kanneen hojii mootummaa keessa turan gara hojii mootummaatti akka deebi'an taasifamaa jiraachuu ibsaniiru. Kanneen hojii hinqabne carraan hojii akka uumamuuf taasifamaa jiraachuu himanii; bu'aa tarkaanfii fudhatameen yeroo ammaa ummatni godinichaa nagaan ba'ee hojii isaa hojjetee galuu eegaleera.

Waajjiraalee bulchiinsa gandaa, manneen barnootaa diigamanii ummatni deebisee ijaaruun tajaajila akka kennan taasisuudhaan

fuulasaa gara misoomaatti deebisaa jira. Bu'aa argamaa jiru fashaleessuuf murnichi bakka jiruu walsassaabee badii biraatiif ba'uuf wixxirfachaa jiraachuu eeranii; ummatni bu'aa nageenyaafi tasgabbi argate irraa ka'uun deeggarsi tarkaanfii fudhatamaa jiruu cimsee akka ittifufu waamicha dhiyeessaniiru.

Bulchaan Godina Wallagaa Lixaa Obbo Solomon Taammiruu gamasaaniin ji'oota lamaan darbanitti tarkaanfii Shaneerratti fudhatameen miseensotni Shanee 130 ol irratti takaanfiin fudhatameera. Yeroo

Gara fuula 15tti

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Fulbaana 18 Bara 2017

**Oromiyaa Gandaan,
gandaafi bu'aa
qabsoo ummataa**

fuula **10**



**“Riifoormiin qaamolee
seeraa olaantummaa seeraa
kabachiisuufi yakka ittisuurratti
milkaa'ina argamsiisaa jira”**

- Komishinara Ittaanaa Malaakuu Faantaa

fuula **6**



**Baadiyyaa keenya
dur irraa deemnu
har'a addunyaan
itti deemaa jira**

fuula **9**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Riifoormiin qaamolee seeraa olaantummaa seeraa kabachiisuufi yakka ittisuurratti milkaa’ina argamsiisaa jira”

- Komishinara Ittaanaa Malaakuu Faantaa

Gammachuu Kadiriin

Jijjiiramaa as hojii seera kabachiisuufi yakka ittisuun nageenya mirkaneessuu keessatti Komishiniin Poolisii Federaalaa Itoophiyaa dirqamasaa ba’ataa jira. Kanaafis, dandeettii raawwachiisummaa Poolisii Federaalaa cimsuuf riifoormiiwwan garagaraa hojiiira oolaniiru.

Riifoormiiwwan hanga ammaatti geggeffamaniin olaantummaa seeraa kabachiisuu keessatti milkaa’inoonni galmaa’aa jiru. Ayyaanonni adda addaa duudhaafi aadaasaanii eeggatanii nagaan akka kabajamaniif riifoormichi ga’umsa qaamolee seeraa cimsuu keessatti shoora olaanaa taphateera.

Gaazexaan Bariisaas haala raawwii riifoormichaafi hojii bara 2016, kallattii xiyyeeffannoo bara 2017, ayyaanota baraa haaraa, Masqalaafi Irreechaa sababeeffachuun Komishinara Ittaanaa Poolisii Federaalaa Itoophiyaafi komishinichatti Ittigaafatamaa Ittisa Yakkaa Jeneraal Malaakuu Faantaa waliin turtii taasisera.

Bariisaa: Yeroo keessan aarsaa gootanii nu waliin turtii taasisuuf eeyyamamoo ta’uu keessaniif galatoomaa jechaa ergamni Poolisii Federaalaa maali kan jedhu ibsuun gaafdeebii keenya haa jalqabnuu?

Jeneraal Malaakuu: Akkuma beekamu ergamni Poolisii Federaalaa heerarratti ifatti ibsameera. Bu’uuruma kanaan komishinichi waantota guguddoo lamarratti xiyyeeffatee hojiiwwan guguddoo nageenya biyyaa mirkaneessuuf bu’uura ta’an raawwachaa jira.

Inni jalqabaa yakka ittisuudha. Akka yakki hinbabal’anne taasisuun nageenya biyyaa kabachiisuudha. Lammaffaan ammoo yoo yakki dalagame qaama yakka raawwate to’annoo jala oolchuudhaan gara seeraatti akka dhiyaatu gochuun olaantummaa seeraa kabachiisuudha. Oggaa akka waliigalaatti ilaalamu ergami komishinichaa biyyi biyya nagaa akka ta’u, olaantummaan seeraa akka kabajamu taasisuudhaan nageenya biyyaafi ummataa mirkaneessuudha.

Bariisaa: Akkuma beekamu bara haaraa kanatti ayyaanota guguddoo addababa’iiratti kabajaman akka Irreechaafaan duudhaasaanii eeggatanii nagaan akka kabajamaniif eenyurraa maaltu eegama?

Jeneraal Malaakuu: Utuun gaaffii keessaniif deebii hinkenniin dura waantota jijjiirama waliin walqabataniratti dubbachuun barbaada. Erga jijjiiramni akka biyyaatti dhufee waggoonni ja’a lakkaa’amaniiru. Waggoota kanneen keessatti mootummaan hojiilee olaantummaa seeraa kabachiisuufi yakka ittisu irratti baay’ee hojjeteera.

Ta’us rakkooleen nageenyaa garagaraa biyya keenya quunnamaa turaniiru. Rakkoolee kanneeniif ka’umsa kan ta’e mootummaa humnaan fonqolchuun mirga sabootaafi sablammootaa dhiibuun mootummaa abbaa irree ta’uuf aggaamuudha.

Erga mootummaan jijjiiramaa kun biyya bulchuu eegalee as murnootni fedhiwwan garagaraa qabaniifi kanneen faayidaasaanii jalaa tuqame akkasumas nageenyi akka hinmirkanoofne barbaadan jiru.

Diinota seenaa biyya keenya waliin harka wayyaa jalaatiin nageenya booressuu

barbaadan faana sochiiwwan taasifamaa turaniiru. Kanaan walqabatees rakkoon nageenyaa nuquunname aangoofi faayidaa argachuuf nageenya biyyaa booressanii mootummaa fonqolchuuf hawwuurraa kan maddeedha.

Sochiiwwan kunneen akka hinmilkooftneef olaantummaan seeraa akka kabajamuuf Komishiniin Poolisii Federaalaa hojii guddaa hojjeteera. Biyyi biyya heera qabdu waan taateef mirgi siyaasaafi dimokraasii ifatti deebi’eera. Namni kamuu heerarratti hundaa’ee waan seeraan gaafatuuf deebii argachuuf mirga guutuu qaba.

Dhaabbata siyaasaatiin ijaaramuun olaantummaa yaadaatti amananii abbaa aangoo ta’anii biyya bulchuun ni danda’ama. Haalli itti fedhiin raawwatamus daangaa qaba. Utuu kun ta’ee jiruu kanneen humnaan fedhii ofii guuttachuuf yaalan jiraatanis fedhiisaanii kun akka hinmilkooftneef Poolisiin Federaalaa Raayyaa Ittisa Biyyaa dabalatee qaamolee nageenyaa kaaniifi ummata waliin ta’uun hojii guddaa hojjeteera.

Kanaanis milkaa’inni guddaan galmaa’eera, ammas galmaa’aa jira. Keessumaa gama nageenya mirkaneessuufi akka yakki hinbabal’anne gochuutiin riifoormiin qaamolee nageenyaa geggeffameen dandeettii ga’umsa humna namaa baay’inaafi beekumsaan ga’oomsuurratti xiyyeeffatamee hojjeteera.

Inni ittaanu ga’umsa dandeettii loojistikii cimsuudha. Humni namaa guddaan iddoowwan dirqamni kennameef hundatti loojistikii barbaachisu hunda fayyadamee hojjechuu akka danda’uuf meeshaalee ammayyaan ijaarameera.

Sadaffaan riifoormii teknolojiiti. Hojiin poolisii hojii saayiinsii waan ta’eef pirofeeshinaalizimiidhaan hojjetamuu qaba. Kanaafis, hojiin poolisii saayiinsiin deggaramee lafa qabachuu qaba. Akka kanaan duraa maanuwaalii qofaan hojjechuun galmaan ga’uun hindanda’amu.

Xiyyeeffannaan komishinichaa yakka ittisu waan ta’eef kanarratti teknoloojii qofa utuu hintaane ummata hirmaachisuun bal’inaan hojjetaa jira. Kanaafis tarsimoo ittisa yakkaarratti hawaasa hirmaachisuun poolisii hawaasaa (‘community police’) irraa akka eegalamu taasifameera.



irraa akka eegalamu taasifameera.

Kana jechuun odeeffannoo hawaasarraa dhufuun dursanii yakka ittisu (‘intelligence leading crime penetration strategies’) irratti hundaa’uun riifoormiin teknoloojii bal’inaan hojjetameera. Yeroo ammaa bakkawwan humni poolisii federaalaa jiru hundatti wiirtuu to’annoo waloo (‘common control center’) tokkoon hojii yakka ittisuurratti hojjetaa jira.

Hojii hanga bara 2016tti hojjetameen milkaa’inni guddaan galmaa’uusaa qorannoon komishinichi geggeesseen mirkanaa’eera. Nageenya biyyaa booressuuf fedhiwwan garagaraa jiraatanis humni nageenyaa keessumaa Poolisiin Federaalaa karaa ijaarameen qaamolee nageenyaa kaaniifi ummata waliin ta’uun ittisa yakkaarratti bu’aa gaariin argamaa jira.

Bu’uuraaleen misoomaa, daandiin baaburaa, buufanni xiyyaaraa, yunivarsiitiwwan, daandiiwwan guguddoon biyya qaxxaamuran, hidhi laga Abbayyaa, akkasumas qabeenyawwan federaalaa guguddoo hundi Poolisii Federaalaatiin eegamu.

Rakkoolee nageenyaa baroota darban mudatanirraa ka’uudhaan barana akka hinmudanneef dursinee ittisuudhaan nageenya mirkaneessuuf xiyyeeffannaan kan hojjetamu ta’a. Kanaafis, qaamolee nageenyaa qofa utuu hintaane hirmaannaa ummata bal’aafi humna poolisii ammayyaa’e ijaaruuf riifoormii barbaachisaan taasifameera.

Bariisaa: Gaachana sirnaafi milishaa

dabalatee qindoominni qaamolee nageenyaa maal fakkaata?

Jeneraal Malaakuu: Yoo sirriitti hubanneerra ta’e jijjiirama dura qaamoleen nageenyaa sadarkaa federaalaatti jiran inni tokko isa tokko abbootuu yaaluu, akkasumas naannoleefi federaala gidduutti walhubachuurratti rakkootu ture.

Barana garuu riifoormii qaamolee nageenyaarratti hojjetameen kaayyoon qaamolee nageenyaa hundaa nageenya mirkaneessuu akka ta’u irratti hojjetameera. Kanaaf, waanti isaanirraa eegamu humna nageenya mirkaneessu ijaaranii ittifaayyadamuudha.

Haala kanaan yeroo ammaa waliin karoorsuu, bobba’uu, bu’aa argame waliin madaaluufi bakka rakkoon jiru waliin sirreessuu dabalatee qindoominni gaariin uumameera. Sababuma kanaan gaafa kallattiin kennamu qaamolee nageenyaa waliigalaa jedhameeti.

Kana jechuun inni tokko kan isa tokko bakka bu’ee hojjeta utuu hintaane hunduu gaheesaa ba’ata jechuudha. Akka poolisiitti gaafa fudhannu garuu hojiin poolisii federaalaafi naannoo heerarra dhaabachuudhaan olaantummaa seeraa mirkaneessuudha. Hojiilee walfakkaatoo kanneen karaa walfakkaatuun erga rakkoon uumamee booda kan raawwatan utuu hintaane utuu rakkoon hinuumamiini.

Bariisaa: Keessumaa appilikeeshinii ummatni eeruu ittiin kennu (EPP App)fi kanneen akka ‘CCTV’faa ittisa yakkaa

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

“Riifoormiin qaamolee seeraa...”

keessatti hammam gumaachaa jiru?

Jeneraal Malaakuu: Daran gumaachaa jiru. Akkuman duratti kaasuuf yaale Poolisiin Federaalaa bu’aalee teknolojii baay’ee of keessatti qabateera. Fakkeenyaaf lammiilee ittisa yakkaa keessatti hirmaachisuuf appilikeeshiniin EPP APPn faayidaa guddaa qaba.

Sababiinsaas yaadrimeen yakka ittisu jedhu keessumaa kan poolisii hawaasaa (‘community policy’) bu’uurrisaa ummata. Poolisiin hawaasaa maatii tokkoo eegalee hanga gandaatti waan ijaaramuuf yakka ittisuun maatiirraa eegalee hanga gandaatti hojiirra ooluun hunduu hubannoo uumamuun yakki ittifama.

Darbees qaama nageenyaatiif akka eeruun kennamuuf haala mijaawaa uuma. Appilikeeshinii kanaan baay’ina ummata Itoophiyaa miliyoona 120 keessaa dhibbantaa 70 bilbila ismaatii kan fayyadamu yoo ta’e hunduu bakkuma jiruu eeru kennuun yakka ittisu keessatti gumaacha olaanaa akka qabaatan taasisa.

Humnootni poolisii federaalaa bakkawwan adda addaatti ramadaman giddugala wiirtuu odeeffannoo waliin ta’uun qaama yakka raawwachuuf yaale dursanii to’achuuf, yoo raawwates to’annoo seeraa jala akka oolchaniif gargaara.

Ittisa yakkaa keessatti hirmaannaan ummataas akka dabaluu taasisa. Namni yakka raawwate eessayyuu taa’ee yakka dalagee seeraa jalaa ba’uu akka hindandeenye hawaasa gidduutti waan hubannoon uumameef naannoole hundatti poolisii hawaasaa ijaaruun cimtee ittifufa.

Yakka naannawa ta’e tokkotti raawwatamuuf jedhu adda baasuuf akkasumas ittisa yakkaa ittiin barsiisuuf kaameeraa sochootuu gumaacha olaanaa taphachaa jira. Yeroo ammaa Finfinnee, Adaamaa, Hawaasaa dabalatee magaalota hedduutti wiirtuu odeeffannoo waloo (‘common control center’) faana walitti hidhamaniiru.

Dabalataanis, odeeffannoo diroonotarraa gara wiirtuu odeeffannoo walootti ergamaniin akeekkachiisaafi haala gaarii jiru jajjabeessuuf bifa ammayyaa’an yakka ittisuun danda’ameera. Keessumaa ayyaanota akka Masqalaafi Irreechaa irratti haala jiru to’achaa ergaan baraachisaa ta’e raadiyoon akka darbuuf haalli mijaa’an uumeera.

Dirooniin rakkoon addaa yoo jiraatellee bakka rakkoon jiru adda baasuura darbee akkuma barbaachisummaasaatti gaazii imimmaan buusisu (‘tear gas’) facaasuun yakka ittisuufi hir’isuu keessatti shoora olaanaa taphachaa jira. Akka waliigalaatti haalli teknolojii fayyadamuun olaantummaa seeraa kabachiisuufi yakka ittisu jiru sadarkaa fooyya’arra ga’eera.

Bariisaa: Qophiin ayyaanota addababa’ii akka Irreechaa fa’iif komishinichi taasisiif taasisaa jiru akkamitti ibsama?

Jeneraal Malaakuu: Akkuman dura kaasuu yaaletti bara 2016 hojiiwwan nageenyaa Poolisiin Federaalaa raawwachuuf karoofate keessaa kan



milkaa’ee hinmilkoofne adda baasuun danda’ameera. Isa milkaa’e akka galteetti fudhachuudhaan ayyaanonni bara haaraafi Masqalaa duudhaasaanii eeganii akka kabajamaniif hojjeteeera.

Ayyaanni Irreechaa duudhaa eeggatee akka kabajamuuf qophii ga’an taasifameera. Yeroo ammaa ummatni nagaan hojjiisaa hojjetee galuu barabaada. Ta’us farreen nageenyaa nageenya booressan akka alshabaab, ‘ISIS’ akkasumas Faannoofi Shanaan jiru.

Keessumaa Shaneefi Faannoon gammoojiitti waan abdi kutachaa jiraniif gocha shororkeessummaa raawwachuuf ni yaalu ta’a. Poolisiin federaalaa gocha shororkeessitoota kanneenii to’achuuf dursee qorannaa geggeessa. Ayyaanonniif yaa’iiwwan garagaraas akka geggeeffamaniif qophiilee barbaachisaa taasisaa jira.

Hojii poolisii keessatti wayita hojiin nageenyaa hojjetamu dhibbantaa hanganaa milkeessina jedhamee hinkaroorfamu. Harka dhibba keessaa dhibba milkeessuuf hojjetama. Sababiinsaas gochoonni yakka boodaan jiran lubbuu namaa balleessu waan ta’eef dhimma akka qoosaatti ilaalamu miti. Kanaaf, dhibbaan dhibbatti rakkoo tokko malee akka milkaa’uuf karoorri ba’eera.

Karoorra kana keessatti humoonni nageenyaa akka hojjetaniif Poolisiin Oromiyaa, Finfinneefi federaalaa akkasumas wiirtuun odeeffannoofi humnoota nageenyaa biroon qindoominaan maal hojjechuu akka qaban adda baasuun hojjetamaa jira. Haala kanaan akka guutuu biyyaattis ayyaanotni bara 2017 Irreecha boodaan jiranis duudhaasaanii eeggataniif akka kabajamaniif muuxannoo duraan jiru bu’uura godhachuudhaan Poolisiin Federaalaa ga’eesaa bahuuf qophiidha.

Bariisaa: Iddoowwan adda addaatti namoonni danqamanii maallaqa gaafatamu. Qaamoleen gocha kana humnoota mootummaatiin walqabsiisanis jiruutii kanarratti maal jettu, gocha kana dhabamsiisuuf hoo maaltu hojjetamaa jira?

Jeneraal Malaakuu: Waa’een namootni bakkaa bakkatti ugguramuu (danqamuu) jedhuuf odeeffannoo komishinichi qabuun sababooti gocha kana Shaneefi ykn Faannoodha. Gochoota akkanaa Oromiyaatti kan raawwatu Shaneedha. Naannoo Amaaraatti immoo Faannoodha. Akeekni murnoota kanneenii akka namni hinsochoone ugguruudha.

Gocha kana dhabamsiisuu ykn to’achuuf Poolisiin Federaalaa qaamolee nageenya naannolee, Raayyaa Ittisa Biyyaafi ummata waliin qindoominaan hojjechaa jira. Haaluma kanaan bakkawwan baay’etti tarkaanfiin Shaneefi Faannoorratti fudhatamaa jira. To’annoo jala oolfamaa jiru

Akka Poolisiin Federaalaa ragaa qabutti humnoonni kunneen gochoota kanneen wayita raawwatan uffata dambii Poolisii Federaalaa uffachuudhaan waan ta’eef jedhama malee gochichi gocha qaamolee nageenyaa mootummaatiin kan walqabatu miti.

Komishinichi dhimma kana sirriitti qorachuudhaan adda baafateera. Kanneen qaamolee seeraa keessaa sababoota adda addaatiin ari’aman, rakkoo naamusaatiin gananii baduudhaan diinatti makaman uffata dambii qaamolee nageenyaa fudhatanii baduun saamicha raawwatu. Qaamni nageenya wareegama kaffalee nageenya mirkaneessuuf kan hojjetu malee gocha saamichaa raawwachuun deebi’ee kan ummata dararu miti. Kanaafis, hojii keessoo qulqulleessuun ittifufeera.

Bariisaa: Hawaasni odeeffannoo sobaa keessumaa karaa miidiyaa hawaasaa tamsa’urraa akkamiin of eeguu qaba jettu?

Jeneraal Malaakuu: Wanti nuti amma nifurama jennee yaadnu tokkoffaa ummatni naga barabaada, qaamoleen nageenyaas wareegama barbaachisu kaffaluun nageenya biyyaa mirkaneessuuf hojjetaa jiru. Nageenya biyyaa mirkaneessuun nageenya ummataa mirkaneessuu waan ta’eef ummatni humna nageenyaa faana dhaabachuu cimsee ittifufuu qaba.

Yeroo kamuu taanaan ummatni humna deeggarsaa guddaa ta’ee poolisii waliin nageenya naannawaasaa mirkaneessuuf hojjechuu qaba. Waantota ummata dogoggorsan keessumaa kanneen biyya alaa taa’anii faayidaa dhuunfaasaanii guuttachuuf miidiyaalee hawaasaarratti waan hintaane ummattoota gidduutti facaasuudhaan nageenya booressuuf yaalaa turaniiru. Hawaasni odeeffannoo sobaa kanaafi waa’eesaa dhaabbatee madaaluu qaba. Qaamoleen dhimmi nageenyaa isaan ilaallatu hundis madaaluu qabu.

Dabalataanis, nageenya biyyaatiif lammii biyyattii hundi hojjechuutu irraa eegama. Keessumaa qaamoleen baratan nageenya biyyaa mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa waan qabaniif waan dubbataniifi barreessanirratti of eeggannoo barbaachisaa taasisuu qabu. Dhimma nageenya ummataafi biyyaarratti ilaalcha tokko qabaachuun daran murteessaadha.

Namni amantaafi siyaasa garagaraa qabaachuu danda’a. Gaaraagarummaa jiru keessatti namni tokko ilaalchisaa ibsachuu kan danda’u yoo nagaan jiraate qofa. Kanaaf, dhimma nageenyaarratti namni hundi tokko ta’uu qaba. Haasaa jibbiinsaa (‘hate speech’) miidiyaalee hawaasaarratti gadhiifamuun hawaasa burjaajessuu waliin balaaleffachuun ga’ee nama hundaati. Yoo nageenyarratti tokkummaadhaan hojjenne

nageenyi bara 2017 daran amansiisaa ta’a.

Bariisaa: Diyaaspoora biyya alaa taa’ee bu’aa dhuunfaasaa giddugaleeffatee haasaa jibbiinsaa miidiyaalee hawaasaarratti facaasu to’atanii akka seeratti dhiyaatan gochuun hindanda’amuu?

Jeneraal Malaakuu: Akkuma beekamu biyyi keenya akka biyyaatti hojii biyyoota idiladdunyaa waliin walittidhufeenya uumuuf hojii dippilomaasii garagaraa hojjechaa jirti. Kanaafi, imbaasiwwan garagaraa Itoophiyaa keessa jiru akkasumas, imbaasiwwan keenyas biyyoota garagaraa jiru.

Kanaaf, namoota diyaaspoora ofiin jechuun biyya alaa taa’anii haasawa jibbiinsaa miidiyaalee hawaasaarratti facaasan to’achuudhaan seeratti dhiyeessuuf karaa haajaa dhimma alaa akka mootummaatti wanti hojjetamu jira. Akka Poolisiitti garuu Dhaabbata Poolisii Addunyaatti (intarpoolitti) Itoophiyaan miseensa.

Dabalataanis, sadarkaa Afrikaattis Afrikapool haaluma walfakkaatuun kan Afrikaa dhihaas jira. Pirezidaantiin walta’iinsa kunneenii waggaa tokko tokkoon waan geggeeffamuuf Komishinari Jeneraal Komishinii Poolisii Federaalaa Itoophiyaa, Dammallaas Gabramikaa’el waggaa darbee pirezidaantii ture.

Dhimmooti haasaa jibbiinsaa akkasumas yakkoota daangaa biyyaa qaxxaamuruun kanneen akka shororkeessummaa, daddabarsa maallaqaafi namoota seeraan alaa, akkasumas biyya tokko taa’anii nageenya biyya tokko booressuu haasaa jibbiinsaa dabalatee bal’inaan nimir’atama.

Kanaaf, namoota yakka akka kanaa raawwatanii gara biyya keenyaa dhufan heeraafi seera ittiin bulmaataa biyyaarratti hundaa’uudhaan dabarsinee nikennina. Biyyoota Itoophiyaan miseensa waliin taate birattis hojii walfakkaataan akka hojjetamuuf hojii bal’aan hojjetamaa jira.

Kanaaf, immoo walittidhufeenya biyyoota jabaan kan barbaadu ta’us biyyootni hundi walittidhufeenyi isaan biyyoota biroo waliin taasan fedhii biyyaaniirratti hundaa’uun kan geggeeffamuudha. Biyya kamuu wajjin walittidhufeenyi geggeeffamu fedhiifi faayidaa biyya mirkaneessuuf kan hojjetamuudha malee kan fedhiifi faayidaa biyya kee mirkaneessuuf biyyi hojjetu hinjiru.

Kana jechuun waan seeraan hordofamuu qabu seeraan hordofuun barbaachisaadha. Kan qaama seeraan hojjetamu akkuma jirutti ta’ee kanaan olitti ummatni haasaa jibbiinsaa abbaan barbaade biyya alaa taa’ee walittibu’iinsa uumee doolaara sassaabbachuuf taasifamu ummatni dammaqee balaaleffachuu qaba.

Bariisaa: Ergaa ykn dhaamsa yoo qabaattan?

Jeneraal Malaakuu: Lammiilee biyyattii hundaaf akkasuma biyya alaa jiran hundaaf бага аyyaana Masqalaafi Irreechaa geessanin jedha.

Bariisaa: Galatoomaa

Ijoo Dubbii



Irreecha mallattoo nageenyaafi araaraa

Biyyi keenya torbee har'aafi boruu, Fulbaana 25fi 26 bara 2017 Finfinneefi Bishooftuutti cidha guddaa qabdi, cidha cidha ayyaana galateeffanna Irreecha Finfinneefi Harsadii.

Irreechi akka aadaatti sirna kadhaafi galata Waaqaaf taasifamu kun magaalota kanneenitti haala miidhagina addaa qabuun saboota, sablammootaafi ummatoota biyyattii bal'inaan hirmaachisuun kabajama.

Kadhaafi galanni taasifamu kunis iddoofi yeroon kan murtaa'eedha. Irreechi iddoowwan adda addaatti yoo gaggeeffamellee isaan guguddaan kanneen iddoowwan lamatti raawwatamaniidha. Isaanis Irreessa Tullufi irreessa Malkaati.

Irreechi Malkaa kan raawwatamu yeroo akkamaa kana tibbi gannaa xumuramee seensa baatii birraa ykn jiddugala baatii Fulbaanaatti. Yeroo kana Malkaafi Hora guguddooratti bahuun sirni Irreechaa raawatama. Baatiin Fulbaanaa jalqaba birraa yoo ta'u, yeroo baay'ee guyyaan kun "Ayyaana Birraa" jedhamee beekama.

Iddoowwan tokko tokkotti guyyaan Irreechi kabajamu guyyaa "xaddacha saaquus" ni jedhama. Kunis akka Oromootti wayitii darbe namoonni galaanaan addaan citanii turan walarguuf jecha guyyaa kana akka guyyaa galataafi gammachuutti fudhatu.

Oromoon Ayyaana Irreechaa kana waggaa waggaa, "Waaqa nu uume kadhana! Uumamaan Uumaa raajjeffanna!" jechuun aadaa uffataa nyaata, qabachuun akkuma aadaasaatti Waaqasaa galateeffata faarfata.

Irreechi Aadaa galateeffannaati. Aadaan ammoo ibsituu eenyummaa dhala namaati. Kanaaf dhaabbilee sirni Gadaa Oromoon ijaare keessaa Irreechis isa tokko. Irreeffachuun galateeffachuudha. Galanni immoo Uumama qabachuun Uumaa kadhachuudha. Kanaaf Oromoon margaa jiidhaafi abaaboo qabatee Malkaa bu'eeffu Tulluu yaabee irreeffata.

Ummanni yeroo gannaa dheeraa bakkuma jirutti dabarsu gaafa birraan bari'ee bakka hora obaasuutti walargu afoolasaa kanneen akka faaruu looniifi kkf waliin dhandhamee bashannanaa ture. Haaluma kanaan, yeroo horri saaqamu safuusaa guuttatanii hora ebbaan saaqu jedhu akka hayyuun aadaafi seenaa Oromoo Obbo Alamaayyoo Hayilee barreessaniiti.

Egaa, ayyaana mallattoofi ibsama, jaalalaa tokkummaafi waloominaa akkasumas qabeenya ummata Oromoofi biyyaa ta'e kana haala duudhaafi safuusaa eeggateen kabajuuf qaamolee gara garaatiin qophii cimaan taasifamaa jira.

Irreechi duudhaafi haala ittiraawwatamu qaba. Akka abbootiin Gadaa jedhanitti, Irreechi araara, nageenya, jaalalaafi walooma waan ta'eef osoo malkaa hindeemiin dura araara buusuu, jaalala uumaafi uumamatti agarsiisuun manaa eegaluun sadarkaa biyyaatti tarkaanfachu qaba. Sirnichi abbootii Gadaatiin eebbifamee Abbaa Malkaatiin saaqama.

Haaloofi cubbuu garaatti qabatani kadhaaf malkaa bu'uun hiika hinqabu. Osoo malkaa hinbu'in dura jibbi jaalalatti, waldhabbiin araaratti jijjiiramu qaba. Akkuma jedhame otoo Abbaan Malkaa hinsaaqiin dursanii irreeffachuun aadmaleedha.

Hirmaattonni ayyaanichaa wayita gara bakka Irreeffannaatti imalan haala uffanna, nyaataafi dubbannaasaatiin duudhaa safeeffachaa, wareegamtoota yaadachaa nagaafi jaalalaan ta'uu qaba.

Oromoon hammataa ta'uu maddiitti Irreechis qabeenya biyyattii waan ta'eef haala guddummaa Oromoo, tokkummaafi jaalala ibsuun ayyaanicha kabajuufi irrattis hirmaachuun dhimma daran hubannoo argachuu qabuudha.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Piresii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

WaaSihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

Yaada/Ajandaa

Hoggansi yeroo kamuurra miira tajaajiltummaatiin hojjechuu qaba

Utubaawwan ce'umsa biyyaa hirmaannaafi qindoomina olaanaan milkeessuun Itoophiyaa badhaatee uumuuf hoggansi yeroo kamuurra miira tajaajiltummaan bu'aa qabeessummaaf hojjechuu akka qabu Ministirri Muummeefi Pirezidaantiin Paartii Badhaadhinaa Doktor Abiyi Ahmad hubachiisan.

Paartiin Badhaadhinaa guyyoota 12n darbaaniif Adaamaatti leenjii ijaarsa dandeettii hoggantoota olaanaa paartichaatiif kennamaa turerratti Doktor Abiyi Ahmad kallattii kennaniiru.

Paartichi mataduree, "Humna mul'ataa guddina olaanaaf" jedhuun hoggansa olaanaa sadarkaa naannolee, bulchiinsa magaalotaafi dhaabbilee federaalarraa walitti babba'an kuma lamaaf dhimmoota faayidaa hawaas-dinagdeefi siyaasaa badhaadhina Itoophiyaa boriifi dhaloota egereef haala mijataa uumuu danda'anirratti leenjii kenneera.

Hoggantoonni yeroo sirnaan fayyadamuun rakkoo ummataa sadarkaan jiru furuun olka'iinsa Itoophiyaa qabatamaan mirkaneessuuf leenjii dandeettii itti horatan ta'uu eeraniiru.

Egeree Itoophiyaa ijaaruu hubannoo dandeessisu kan itti argatan ta'uu ibsaniiru.

Leenjichi biyya jijjiiruufis ta'e qabeenya horachuuf hoggantoonni naannolee biyyattii, magaalotaafi dhaabbilee federaalaa ergama



Doktor Abiyi Ahmad

paartiiratti hubannoo gahaa gonfachuun bu'aa fooyya'aaf akka tattaafatan akka gargaaru kaasaniiru.

Hoggantummaan of kennuu, garaa bal'achuufi kaayyoo milkeessuuf murannoo kan gaafatu ta'uus eeraniiru.

Leenjiiin hoggantoota olaanaaf kennamaa ture amalootaafi qajeeltoowwan ijoo hoggansummaa sirnaan akka hubatan kan taasise, jijjiirama saffisaafi bu'aa jajabeessaa galmeessuuf dandeettii uumuu ibsuusaanii odeeffannoon fuula miidiyaa hawaasaa paartichaarraa argame nimul'isa.



Carraawwan maddoota Turizimii Shaggariifi ayyaanota

Maddootaafi iddoowwan hawwata turizimii biyyatiin qabdu misoomsuufi fayyadamuun turistoonni biyya keessaafi alaa akka dawwatan gochuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

Keessumaa Oromiyaan qabeenya turizimii uumamaafi namtolcheetiin badhaatuudha. Qabeenyawwan turizimii uumaan nu badhaase misoomsuufi beeksisuudhaan eegnee, kunuunsinee dhaloota ittaanutti dabarsuun murteessaadha.

Qabeenyawwan hawwata turizimii uumamaafi namtolchee qabnu misoomsuufi beeksisuudhaan madda galii taasisuudhaan guddina dinagdee keenyaa utubuuf tattaaffii cimaan taasifamaa jira.

Bu'aan gama kanaan argamaa jiru kan hubate nootuummaan naannichaa Komishiniil Turizimii Oromiyaa hundeessuun, iddoowwan hawwata Turistii naannichatti argaman misoomsuufi babal'isuun hojii dhabeeyyii hedduuf carraa hojii uumuuf hojjetamaa jira.

Magaalaan Shaggaris, haala teessuma lafaa qabdu, qabeenya uumamaafi namtolcheedhaan kan badhaateedha. Iddoowwan hawwata turizimii magaalattiin

qabdu keessaa Paarkii Biyyaaleessaa Bosona Subbaa, simbirroowwan adda addaa, Gaara Yarar, iddoo kabaja Malkaa Ateeteefaa sadarkaasaanii fooyyessuu, hoteelota sadarkaasaanii eeggatan kanneen akka Rizoortii Kurriiftuu, Beellamaa, 'AFLES', Akkadaamii Atileetiksii Atileet Daraartuu Tulluu, jiddugala dargaggootaa babal'isuun akka tajaajila ammayyaa'aa kennan gochuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jira.

Kana malees, pooteenshaalawwan jiran adda baasuu, carraawwan jiran gara gabaatti baasuun madda dinagdeetti jijjiiruu ittigaafatamaan Komishinii Turizimii Magaalaa Shaggar Obbo Biniyaam Tsaggayee himaniiru.

Dhaabbilee guddoo gara gara magaalattii dhufan simachuun jaarmiyaalee turizimii babal'isuun carraa hojii bal'inaan uumuuf hojjetamaa jira. Galii misooma turizimiirraa argamaa jiru karaa, 'Tourism satellite Account' jedhamu sassaabuuf hojiitti senameera.

Ummanni Oromoo waggaatti ayyaanota guddoo kabajaa jiru keessaa Ayyaanni Irreechaa tokko. Irreechi ayyaana guddaa

Gara fuula 14tti

Abbaa Sa'aa



Baadiyyaa keenya dur irraa deemnu har'a addunyaan itti deemaa jira

Waasihun Takileetiin

Tibbana Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad Shaampiyoonaa Turizimii ta'uun 'IGD'n filatamaniiru. Kun injifannoo guddaa Itoophiyaan yeroorraa yerootti gonfachaa jirtu keessaa isa tokko yoo ta'u, hojiin dippilomaasiifi kutannaan siyaasaa mootummaa jijjiiramaan galmaa'aa jiru bu'aqabeessa lafarratti argamu ta'uusaatiif ragaa guddaadha.

Baadiyyaan madda misoomaa dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa taatus xiyyeeffannoon kennameefii ture gadaanaa waan ta'eef bu'aan irraa eegamu hagas mara hinturre.

Qabeenya uumamaa Itoophiyaan qabdu lammiileesheerra darbee addunyaaf hawwata tuuristii ta'uun galii guddaa argamsiisuu kan danda'u ta'us xiyyeeffannoo gama mootummaan kennamaafii hinturre.

Sirnoonni dhufanii darban martisaanii qabeenya uumamaa baadiyyaa keessa jiru karaa uummata hinfayyaddeen qisaasessaa isa kaanimoo xiyyeeffannoo kennuu dhabuun gatii dhabsiisee faayidaan ala taasisaa turaniiru.

Kanarraa kan ka'e dargaggeessi baratee dhaabbilee barnoota olaanaarraa ebbifame bakkuma jirutti carraa hojii argachuu osoo qabuu baadiyyaa gadhiisee magaalatti godaanuun rakkinaaf of saaxilaa tureera.

Rakkoo hojiddhabummaa furuuf irra jireessaan qabeenya uumamaa Itoophiyaan qabdu sadarkaa baadiyyaatti gadi bu'ani adda baasuun murteessaa waan ta'eef mootummaan jijjiiramaa bu'aa qabsoo dargaggootaa ta'e baadiyyaa misoomsuun jalqaba jiraattota naannawichaaf carraa hojii uumu; lammattammoo hawwata tuuristii gochuun galii maddisiisuun Itoophiyaa beeksisuuf kutannoon hojiitti galee baadiyyaa dur irraa baqatamu har'a akka ittideemamu taasifamaa jira.

Mootummaan jijjiiramaa Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmadiin durfamu gara aangootti dhufuu hordofee misoomni baadiyyaa giddugaleeffate kan magaalaa dachaan babal'ataa deemuun madda dinagdee, carraa hojii uumuufi hawwata tuuristii ta'ee Itoophiyaa olkaasaa addunyaaf beeksisaa jira.

Akka fakkeenyaatti mootummaan Doktor Abiyyi Ahmadiin durfamu erga gara aangootti dhufeen as mataduree, 'Maaddii Guutuu' jedhuun qabatamaan misooma paarkiiwwan gara garaa gaggeessuun ijji addunyaa gara Itoophiyaatti

akka mil'atu taasisuusaaniin Shaampiyoonaa 'IGAD' ta'aniiru.

Kun injifannoo guddaa Itoophiyaan seenaashii keessatti argatte yoo ta'u, misoomawwan paarkii hawwata tuuristii ta'an magaalaa hanga baadiyyaatti waan babal'isaa jiraniif ijji tuuristoota addunyaa gara Itoophiyaatti akka fuulleffatu, galiin tuurizimiis akka ol ka'uuf dadammaqu taasisaniru.

Ijaarsawwan misooma Ikoo Turizimii Wancii, Gorgoraa, Cabaraa Curcuraa, Paarkii Tokkummaa, Inxooxxoo, Paarkii Obbolommaafi kaan baay'inaan haala miidhagaafi qalbii nama hawwatuun misoomuunsaniin ijji hundaa akka Itoophiyaa ilaalu ta'aa jira.

Misoomichi gamanumaa bu'aqabeessa waan ta'eef baay'inni tuuristoota gara iddoowwan kanneeniitti imalanii yeroorraa yerootti dabalaa jira. Maqaan Itoophiyaafi Itoophiyaanota kaleessa hiyyummaan ka'aa ture ifatti haqamuun seenaan addaa hojjetamaa jira.

Tarsiimoon misooma paarkiiwwanii bahee yeroo hojiitti seenamu nimilkaa'a jedhee kan abdote muraasa ta'us Ministirri Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad haasaa yeroowwan adda addaatti taasisaniin ejjennoo, "Nutii riivaanii malee abdi hinkunnu" jedhuun kan jalqabame iddoowwan hawwata tuuristii kanneen yeroo gabaabaa keessatti ijaarsisaniin ebbisiisaa kan biraas ebbisiisuuf sochii taasisaniin bu'aan galmaa'e kan yaadamee ol waan ta'eef dhugumattuu abdi miti, riivaanii kutu nama jechisiisa.

Ikoo tuurizimiin Wancii/Dandii, Gorgoraa, Cabaraa Curcuraa ebbifamaniifi kanneen ammaan tana ijaaramaa jiran marti magaalaa guddoo Itoophiyaa, Finfinneerraa fageenyarratti kan argaman ta'ani imalli garasitti taasifamu kamuu Itoophiyaan maal fakkaatti isa jedhuuf deebii quufsaa kan kennu ta'uu eenyumaafuu ifa.

Dhugaa dubbachuuf baadiyyaa kaleessa dargaggoon keenya rakkoo hojiddhabummaatiin irraa godaanaa ture ammaan tana kan itti godaanamu ta'aa jirti.

Fooliin baadiyyaa yeroo ammaa fagoorraa kan nama hawwatu ta'uusaatiin kan keessatti dhalatee biyyaa bahe mitiitti kan magaalaa fageenyaarratti dhalatee guddatellee gara itti fuulleffatu ta'aa jira.

Ijaarsi misoomawwan Ikoo turizimii akka biyyaatti jiruufi akka fakkeenyaatti irranatti eerre wiirtuu bashannanaa kan qalbiin ofii itti ciisuufi

madda galii dinagdeen biyyaafi dhalootaa itti hirphamu ta'aa jiru.

Misoomawwan kunniin galii tuuristootarraa argamsiisuun ala dargaggoota biyya keessaa keessumaa dhalattoota naannawichaaf carraa hojii uumaa jiru.

Kanarraa kan ka'e dargaggeessi dur fuulasaa baadiyyaarraa gara magaalatti naannessuun hojii barbaacha dhama'aa bara lakkaa'aa ture amma of duubatti deebi'uun bakkuma jirutti carraa hojii mootummaan uumaafii jiru cinatti ofiifis uummachuun dinagdeen of humneessaa hiyyummaa mogolee isa buusee biyyaa isa baasaa tures ofirraa mulqee nama ta'aa jira.

Addunyaan hojii ajaa'ibaa mootummaa jijjiiramaan sadarkaa baadiyyaa hanga magaalatti hojjetamaa jiru kanaan booji'amanii daawwanaf kan yaa'an dachaan dabalaa jiru kun hojii kutannaa siyaasaa biyya badhaate ijaaruf mootummaan qabatee ka'e waan ta'eef kan isa galateeffachiisuudha.

'IGAD's kanuma bu'uura godhachuun keessumaa hojii mootummaan jijjiiramaa gama hawaas dinagdeefi siyaasaatiin darbees dippilomaasiin sadarkaa biyyaatti galmeessisaa jiru Afrikaaf fakkeenyummaan ka'u irratti hojjetamaan hiyyummi kan itti seenaa ta'u akka ta'e qabatamaan waan agarsiifameef ijji addunyaas gara Itoophiyaa akka ilaalu ta'aa waan jiruuf Doktor Abiyyi shaampiyoonaa ta'ani filatamaniiru; Itoophiyaanis Shaampiyoonaa 'IGAD' taateetti.

Injifannoon kun kan Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmad qofa osoo hintaane bu'aa dhamaatee Itoophiyaanota hunduu qooda itti fudhatan yoo ta'u, bu'aan gama kanaan galmaa'aa jiruufi badhaasni shaampiyoonaa ta'uu Itoophiyaa daran kan nama onnachiisuufi hoggantoota Afrikaa biroofillee kan fakkeenya ta'uudha.

Itoophiyaan biyya qabeenya uumamaan daran badhaate taatus kanaan dura xiyyeeffannoon kennameefii waan hinjirreef hawaas dinagdeen siyaasaafi hawwata tuuristii taatee bu'aa barbaadamu hinagarsiise.

Kanarraa kan ka'e biyyasaa dhiisee jireenya fooyya'aa barbaacha kan biyyaa bahe kumaatamaddha, magaalaa magaalatti, baadiyyaarraa magaalatti godaanee jireenya fooyya'aa jiraachuuf kan dhama'u tokko lama miti. Dargaggeessi irri jireessisaa baadiyyaarraa gara magaalatti godaanuun hojii barbaacha yeroosaa fixaa ture misooma amma jalqabame

kanaan fayyadamaa ta'aa jira.

Adeemsa amma mootummaan jijjiiramaa itti jiru kanaan Itoophiyaa badhaate lammiileesheerra dabartee Afrikaaf fakkeenyummaan kaatu dachee hiyyummi seenaa itti ta'u akka taatu hinmamsiisu. Gama misooma qonnaan eeggatummaa wabii midhaan nyaataa maqsuurra darbamee gabaa alergiif dhiyeessuun seenaan Itoophiyaa akka haara'u ta'eera.

Gammoojjiwwan kaleessa muka hinbiqilchine har'a ashaaraa magariisaafi misooma qamadii bonaaf gannaan haguugamtee namaafi bineensa irraa godaane ofitti deebisaa maqaa, jannata gammoojii keessaa jedhamuun waamamaa jirti.

Seenaa keessatti gammoojjiwwan Affaar, Somaalee, Oromiyaafi kanneen biroo sadarkaa biyyaatti qamadiifi ashaaraa magariisaa olbiqilchanii hinbeekne haala adda ta'een misoomuun kutannaan hojitti waan seenameef gama kanaan seenaan addaa hojjetameera.

Itoophiyaa har'aafi kaleessaa walbira qabnee ilaaluun ulfaataadha. Kaleessa sabaafi sbalammiin baadiyyaa qabeenya uumamaatiin badhaadhee osoo jiruu misoomuu dhabuusaatiin magaalatti godaanee eeggatummaa jalatti kufee ture.

Har'a garuu dacheen hongeen golgoolaa'ee ture ashaaraa magariisaatiin miidhagee rikardii addaa galmeessisuun addunyaaf fakkeenyummaan ka'aa jira, misoomaaleen ikoo turizimii, carraa hojii uumuura darbanii hawwata tuuristii ta'uun dinagdee biyyaa raafamee ture itichanii lafa dhaabaa jiru.

Miilli Itoophiyaanota kanaan dura biyya gadhiisee fagaatee ture dargaggeessi baadiyyaarraa magaalatti godaanee ture baadiyyaa addunyaaf hawwata tuuristii ta'etti fayyadamummaasaa mirkaneessuuf carraa argatetti fayyadamaa jira.

Walumaagalatti injifannoon gama hawaas dinagdeefi kutannoo siyaasaatiin mootummaan jijjiiramaa galmeessisaa jiru bu'aansaa qabatamaan waan mirkanaa'ee fakkeenyummaan kan ka'u ta'uusaatiin Itoophiyaan Shaampiyoonaa Turizimii ta'uu 'IGAD'n tibbana ragga'eeffira. Guyyaan Turizimii baranaas kaleessa Fulbaana 17 bara 2017 mataduree, "Guyyaa turizimii addunyaaf biyya shaampiyoonaa 'IGAD' taatetti" jedhuun sagantaaleefi ergaawwan adda addaaiin waa'elchamee kabajameera. Nuti ammoo, 'Miilli hundi gara Itoophiyaatti, walargaan Finfinneetti' jenneerra.

Ilaamee...

Oromiyaa gandaan, gandaafi bu'aa qabsoo ummataa

Seenduubee Gurmaa'insa Caasaa Ganda

Itoophiyaatti hundeeffamni Ganda Baadiyyaa bara 1967 humnoota siyaasaa bitaatiin kan jalqabameedha.

Gandoonni Baadiyyaa amma jiran irra caalaan hundaa'anii caasaa mootummaa isa gadii kan ta'an yeroo kanatti. Haata'u malee, hanga mootummaan jijjiiramaa haaromsa gurmaa'insa caasaa ganda amma adeemsisaa jiru jalqabutti gahee, aangoo, humni namaafi leecalloon caasaa ganda guutumaan guutuutti adiiyoo ture.

Gandi caasaa mootummaa aanaadhaa jalqabee oljiru waliin hidhata idilee kan hinqabneefi akka gurmaa'insa mootummaatti caaseffama sirnaan beekamu kan hinqabne ture. Hojiin bulchiinsaa sadarkaa kanatti tures, tajaajila lammummaa jiraattota dhuunfaa yeroo boqonnaa isaaniitti kennamuun gaggeeffamaa kan ture.

Rakkoolee ijoo Haaromsa Gurmaa'insa Ganda dirqisiisan caaseffamni ganda waggoota 50 lakkoofsisus, tajaajilli mootummaa guutumaan guutuutti hanga jedhamutti sadarkaa aanaafi sanaa ol qofatti qocamuu cinaatti, qaama ittigaafatamummaan to'atu ramaduu dhabuun, hojiileen misoomaa sadarkaa gandaatti/araddaatti adeemsifamaa turan hordoffiifi deeggarsa gahaa akka hinarganne danqera.

Bifuma walfakkaatuun, kuufamni humna namaafi heddummina qaamolee hojii raawwachiiftuu sadarkaa aanaa ture, bulchiinsa qabeenya kanneenii si'oomsuu irratti hudhaa guddaa ta'ee tureera.

Karaa biraatiin, caasaan ganda humna namaafi iddoo hojii mijataa dhabuu, akkasumas gaheen isaafi caasaa aanaa gidduu jiru ifatti kaa'amu dhabuun, sadarkaa gandaatti bulchiinsi bu'a qabeessa ta'e akka hinummamne gufachiisera.

Walumaagalatti gama tokkoon ummanni tajaajila qaqqabamaafi si'ataa akka hinarganne kan danqe yoo ta'u, gama biraatiin hirmaattummaafi qooda ummanni imaammata, tarsiimoo, sagantaa, karooraafi gamaaggama raawwii mootummaa keessatti taasisuu qabuufi gahee bahachuu qabu gufachiisuun mirga dimokraasii isaa sarbeera; dandeettii misoomuu isaa haqaqaalera.

Maddoota Ka'umsa Haaromsa Gurmaa'insa Ganda

Mootummaan jijjiiramaa naannoo keenyaa, sirna bulchiinsa ganda, al-idileefi maqaa qofaan walakkaa jaarraa tokkoof ture kana irra deebiin gurmeessuun lubbuu itti horuun dhimma yeroon hinkennamneef ta'uu hubatee erga hojii jalqabee bubbuleera.

Hojiin haaromsa gurmaa'insa mootummaa gandaafi aanaa dabalate kun, maddoota ka'umsaa alaafi keessaa hedduu irratti kan hundaa'edha.

Qorannoowwan yeroo adda addaa sadarkaa federaalaafi naannooti gaggeeffaman akka agarsiisanitti, caasaa mootummaa ummatatti dhihaatee misooma, nageenya, kenniinsa tajaajilaafi kkf gahumsaan hogganuu



Obbo Shimallis Abdiisaa

danda'u haaromsuun/gurmeessuun murteessadha.

Dabalataanis, bu'aan qorannoowwan kanneenii, fedhii mootummaan naannoo keenyaa, sadarkaa ummataatti gabaa ijaaruu, ogummaa babaldhisuufi misooma bu'uura sadarkaa araddaa irraa ka'u dhugoomsuuf qabu waliin kan walsimu ture.

Kana malees, muuxannoon idiladdunyaa, keessumaa biyyoota akka Hindiifi Kooriyaa Kibbaa irraa argame, bulchiinsi qe'eetti gadi bu'e hagam mootummaafi ummata cimsuu akka danda'u hubannoo gatii qaalii kan nuuf argamsiise ture.

Mul'anni Mootummaan Naannoo Oromiyaa sadarkaa maatiifi hawaasaatti badhaadhina hundagaleessa milkeessuuf qabnus, tattaaffii haaromsa gurmaa'insa kana milkeessuuf taasisfne kan utubeedha.

Mul'anni kun waadaa ijoo mootummaan jijjiiramaa keenya filannoo biyyoolessaa marsaa 6ffaa darbe irratti ummataaf galerraa kan maddedha.

Kana malees, bu'uurri seeraa, Labsii Qaama Raawwachiiftuu 242/2014'fi heera mootummaa Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaafi Mootummaa Naannoo Oromiyaa, haaromsa gurmaa'insa hojiirra oolchaa jirruuf, deeggarsa seeraa barbaachisaa ta'e kennaniiru.

Maddoonni ka'umsaa kunneen akkuma jiranitti ta'anii, hundaa'ol, haaromsa gurmaa'insa mootummaa gandaafi aanaa dabalatu kun, gama tokkoon bu'aa qabsoo

ummata Oromoo yoo ta'u, gama biraatiin beenyaa aarsaa qaalii bulchiinsa gaarii argachuuf taasisseef kanfalameeti.

Gaaffiin bulchiinsa gaarii tajaajila qaqqabamaafi si'ataa, mirga ofiin of bulchuu, hirmaannaa garaagaraafi misooma itti fufiinsa qabu mirkaneessuu ummanni keenya sirna darbe keessatti dhiyeessaa tureellee, haaromsa gurmaa'insaa kana diriirsuuf humna eeyyeentaa guddaa nuu ta'eera.

Barbaachisummaa Haaromsa Gurmaa'insa Ganda

Ummanni keenya, waggoota 50n darban, qabsoo eenyummaasaa deebifachuu, qabeenya ofiirratti abbootuu abbaa biyyummaa goonfateera.

Mirga goonfatame kana caalmaatti dinagdee, dorgomummaa dhalootaafi sirnaan itichuuf gurmaa'insi caasaa sirrii barbaachisaadha. Gulantaan qabsoo kun mirga dimokraasii hirmaannaa imaammata, tarsiimoo, sagantaa, karooraafi hojiirra olmaa karoora irratti qabu mirkaneessuu waan tureef, Mootummaan Jijjiiramaa naannoo keenyaa, mootummaa ganda dhiibbaa qabatamaa fiduu danda'u irra deebiin gurmeessuun gaaffii ummataafi dhalootaatiif deebii quubsaa kennuu akka dirqamatti fudhatee tarkaanfii guddaa kanatti galaera.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, bara 1984 hundaa'us, qe'ee ummataa gahee itti dhiheenyan tajaajiluuf kurnee sadan darban lafarra foqoqaa turuun har'a as gaheera.

Mootummaan Ganda har'a irradeebiin gurmaa'e kun, mootummaa akka kana duraa ummanni fagootti ilaalu, ummata irratti ijaaramee deebisee isa to'atu osoo hintaane, kan isaan, isaaf, qe'ee isaatti ijaarameefi ummatumti galgalaa ganama deebi'ee to'atuudha.

Gurmaa'insi kun tajaajila tokkollee osoo hinhambisiin, aanaarraa gara qe'eesaatti gadi buusuun, qaqqabummaa kan mirkaneessu yoota'u, kanaanis ummanni gara aanaa kan deemu komii dhiyeffachuu qofa ta'a jechuudha.

Akkasumas, dhimma tajaajila fooyyessuu, si'oomsuufi sirneessuuf xiyyeeffannoon qixa ta'e kan kennamuuf ta'a. Ummanni keenya yeroo duraatiif mootummaa kan argate amma kan jennus asirraa ka'uuni.

Haaromsa gurmaa'insa Mootummaa Gandaafi Aanaa dabalatu kun, qabeenya jiru hundi misooma gandaatiif akka oolu, akkasumas Humnoota Waloo fayyadamuun jabina waloo cimsuu, carraaqii waloofti ittigaafatamummaa waliinii jabeessuuf kan mijatuudha.

Kunis qabeenyaafi poteenshaala naannoo keenyaa osoo hinbeekiin hafne ittidiheenyaan adda baasuuf, akkasumas qixa barbaadameen karoorsinee akka hojiirra oolchinu, walumaagalatti, humna dilbii misoomaa naannoo keenyaa qabatamaan akka misoomsinu haala dandeesisaa kan umuudha.

Tarkaanfii seenaqabeessi kun, aangoofi gahee aanaaleefi gandoota ifatti kaa'uun, iftoominaafi ittigaafatamummaa mirkaneessuuf kan gargaaru yoo ta'u, gama biraatiin, dhimmoota bulchiinsaa yeroo dheeraaf turan ittigaafatamummaa walirra bu'aa (overlapping), ittifaayadama qabeenya gahumsa hinqabneefi rakkoo kenniinsa tajaajilaa turan furuun gachanchalumma kan hambisuudha; akkasumas, mootummaa caalmaatti al-walteessuufi bulchiinsa ummataaf gurra laatu ('decentralized and responsive governance') ta'e umuu kan jajjabeessudha.

Gurmaa'insi qe'ee ummataatti gadi bu'e, ummamumaanuu, hirmaannaa lammiilee kan affeeru waan ta'eef, ijaarsa sirna dimokiraasii, bulchiinsaafi sirnaa kan onnachiisuudha.

Mootummaan keenya ammoo, Mana Maree Ganda/Araddaafi Mana Maree Yubootaa, caasaa qaama gurmaa'insa haaraa kanaa ta'e Mootummaa Ganda keessatti dabaluu, ummanni mirga kana qabatamaatti akka shaakalu carraa mijeessee jira. Manni Maree Ganda, qaama ummata filatamu yoo ta'u, sadarkaa Gandichaatti abbaa aangoo ol'aanaadha.

Bu'uruma kanaan, ittiwaamamni Mana Maree Bulchiinsa Gandootaa gama tokkoon qaama kanaaf akka ta'u taasisuun, gahee ummata daran angesseera.

Manni Maree Yubootaa gamasaatiin, qaama jiraattota gandichaa keessaa ummata gandichaatiin filataman irraa caaseffamee bulchiinsa gandichaatiif tajaajila gorsaa kan

Qarreefi Qeerroo

Irreecha duudhaasaa eeganii kabajuun hiree dhaloota har'aati

Waaqshuum Fiqaduutiin

Oromoon jaarraa tokkoofi walakkaa oliif lafasaa qofa osoo hintaane aadaa, afaaniifi eenyummaasaa dhabeera. Sabni guddaan safuu uumaafi uumamaa beekke jaalalaafi kabajaan jiraatu kun xiqqeeffamee toora dhala namaa gaditti ilaalamaa qoodniifi aadaansaa balaalefatamaa ture.

Mirga jiraachuufi kabaja aadaasaa jecha qabsoo hadhooftuu dhalootatti darbu taasiseera. Dhaloota ammaarra ga'ee umuriin garbummaasaa xumura argachaa dhufeera. Hora Finfinneerraa fageeffametti deebi'uun akka aadaasaa ganamaatti irreeffachuu eegale. Finfinnee keessa naanna'uun Shinooyyee fi Goobee kaleessa qe'essaarratti dhiichisuun kabajaa ture warra hinbeckneefi beekaa qe'essarraa isa buqqisetti mul'ise.

Dubbiin madaa kaleessaafi aadaa badee dhiichisuufi shubbisa qofaan kan bira taramu osoo hin taane duudhaa ganamaa qixa sirriin duukaa bu'uufi injifannoo argame tikfachuu gaafata. Injifannoo xiqqoon machaa'uun yookaan daandii gubbaa nama bulcha yookaan ammoo boodattuu nama deebisa waan ta'eef keessattuu dargaggeessi aadaa, afaaniifi eenyummaasaa gadifageenyaa baruufi barsiisuu akkasumas kunuunsurratti qooda leencaa qaba.

Dargaggoonni goolabbii kabaja Goobee fi Shinooyyee kan Finfinnee, Giddugala Aadaa Oromooti taasifamerratti argaman haala kabaja Irreechaa ilaalchisee Gaazexaa Bariisaa waliin turtii taasisan qeeqa, ciminafi waan fooyya'uu malurratti yaada bal'aa kennaniiru.

Gageessaan Hojii Dhaabbata Piromoshinii Boraatii Dargaggoe Biruuk Girmaa akka jedhutti, aadaa boonsaa Oromoon qabu keessaa Irreechi isa tokko yommuu ta'u kabajni ayyaana ummata miliyoonaan lakkaa'amu hirmaachisu kun waan Oromoofi Oromummaa beeksisuu keessatti shoora guddaa taphata. Kabaja ayyaana kanaan walqabatee sirbooni, nyaatniifi aadaan dhiyaatu duudhaa ganamaa gadilakkisuun hinqabu. Kana eegsisuu keessatti qoodni Qeerroofi Qarree daran olaanaadha.

Haa ta'u malee, tarii sababa hanqina hubannorraa kan ka'e bakka tokko tokkotti aadaa gad lakkisuun jira. Aadaa ammayyeessuun duudhaasaa eeggatee malee ammayyummaan liqimfamuu hinqabu. Garuu sirboota aadaafi haala uffannarratti wanti amma calaqqisu toora kan gad lakkise fakkaata.

Sirboota aadaa ammayyeessuuf jedhamee aadaa keessaa ba'uutu mul'ata. Huccuun aadaa tokko tokko guutummaatti asxaa Oromummaa kan of keessaa hinqabne yommuu ta'u, waan dhiiraa huccuu dubartiirratti, waan dubartii ammoo huccuu dhiirraa irratti faayuu ni mul'ata.

Akka ibsa dargaggoe Biruukitti, namni hunduu hubannaa guutuu qabaatee osoo hintaane hanga hubate aadaasaa calaqqisiisa waan ta'eef hojii hubannoo karaa qaama dhimmi ilaallatuun kennamuu qaba. Dhaabbatni Piromooshinii Boraatii, keessattuu dargaggoonni aadaasaniifi qixa sirriin hubatanii akka hubachiisaniif hojii bal'aa hojjetaa jira. Kun qofti gahaa waan hintaaneef hunduu dirqamasaa ba'uu qaba.

Jiraataa Godina Shawaa Kaabaa miseensa Dargaggoota Waldaa Salaalee kan ta'e



Dargaggoe Biruuk Girmaa

Dargaggoe Seefuu Turaa gamasaatiin akka jedhutti, dur abbootnisaa Finfinnee deemanii mitii naannawuma jiraatanittuu aadaa ofii hordofuu dhorkamanii turan. Amma garuu jijjiirama aarsaan dhufeen wanti hunduu jijjiiramee Oromoon aadaasaa karaa guutuu calaqqisiisaa jira.

Amma wanti hundarraa eegamu aadaafi eenyummaa ofii qixa sirriin baruufi barsiisuudha. Oromoon hammataa waan ta'eefi akkuma aadaa Ormaa kabaju aadaansaa akka kabajamuuf fedha.


Kabajaafi safuu uumaafi uumamaa qabuun haalli uffannaafi dubbannaasaa safuun kan dabaalamedha. Kabaja ayyaana Irreechaa bara kanaarratti jaalalli Oromoon saba biroof qabu Oromoota kabajuun kan itti mul'atu akka ta'u akkasumas aadaan nyaataa, uffannaafi dubbannaa karaa guutuun sabicha akka ibsuuf hunduu gaheesaa ba'uu qaba.

Rakkoon aadaa nyaataas ta'e uffannaan walqabatu sababoota hanqina hubannaafi ittiyaadani gurraachessurraa madda. Namootni baay'een akka qajeeltoo aadaa sabichaatti osoo hintaane akkaata hubatanitti waa dalagu kun hanqina hubannaati. Kanneen itti yaadaniifi aadaa sabichaa boossuuf waan hinmallee hojjetanis jiru. Beekaniis ta'e osoo hinbeekiin aadaa boossuun rakkoo bu'uura waan uumuuf dargaggoonni kana sirreessuu keessatti gaheesaniifi taphachuu akka qaban dhaameera.

Jiraataa Aanaa Tufaa Munaa kan ta'e Dargaggoe Lachiisaa Guddinaa akka jedhutti, aadaa keenya dhokatee ture diinattis dhiigattis agarsiisuu keessatti qoodni kabaja ayyaana Irreechaa olaanaadha. Aadaa keenya beeksisuuf ummata bal'aa haala kanaan bakka tokkotti argachuun rakkisaa waan ta'uuf carraa kanatti qixa sirrii fayyadamuun barbaachisaadha. Duudhaa gaarii gabbisuufi waantota faalama aadaa dhaqqabsiisan qolachuun qaama tokkoof kan dhiifamu osoo hintaane tumsa hundaa waan gaafatuuf gamanumaan of qopheessuun murteessaadha.

Kaleessa Irreechi miira sodaafi bittinnaa'een kabajamaa ture. Har'a garuu wayita Irreechi addunyaattuu mul'ataa jiru kanatti waan tokkummaa, walhubannaafi dhageettii mul'isurratti xiyyeeffachuu qabna. Dargaggootnis aadaa Oromooti faayamanii ba'uu cinatti wantoota Oromoo, Oromoo urgaa'aniin duudhaasaniifi eeganiifi dhiyaachuu qabu jedheera.

Waa'een aadaa dogoggora malee guyyaa



Dargaggoe Seefuu Turaa

Rakkoon aadaa nyaataas ta'e uffannaan walqabatu sababoota hanqina hubannaafi ittiyaadani gurraachessurraa madda. Namootni baay'een akka qajeeltoo aadaa sabichaatti osoo hintaane akkaata hubatanitti waa dalagu kun hanqina hubannaati

Uffannaafi nyaata aadaa Oromoo

ammayyeessurratti hojii bal'aaan hojjetameera. Aadaan safuufi duudhaasaa eeggatee bara waliin ammayyaa'ee kan tarkaanfatu malee bakka kaleessaa qofatti kan hidhamee taa'uu miti jedhanii; haa ta'uutii, hanqina hubannoofi jibbarraa ka'uun aadaa nyaataa, irreeffannaafi uffanna kallattii gad lakkisiisuun ni calaqqisa.


Qaroominaafi ammayyummaa itti fakkaatee callee akkasumas ellellaa huccuu dhiiraan faayuu, bokkuu huccuu dubartiitti faayuu ni mul'ata. Bokkuu yookiin Horooro dhiiratu qabata, Siinqee dubartiitu qabata. Har'a garuu bakka tokko tokkotti dogoggorri ni mul'ata. Faayaafi huccuun dhiiraafi dubaraa duudhaa Oromoo ganamaa waan ta'eef safeeffatamuu qaba. Hojiin hubannoo hawaasa sadarkaan jiruuf kennamaa jira, kennamuus qaba.

Akka isaan jedhanitti, namootni kaleessa miidhagina aadaasaniifi wallaaluun irraa baqachaafi jalaa dhokachaa turan har'a wayita gara aadaasaniitti deebi'aniifi dhimmoota garagaraarratti hirmaatan dogoggorri mudachuu mala. Oromoon saba bal'aa ta'uusaan yeroo ammaa kana godinaalee aadaa 12tti qoodameera.

Oromoodhuma gidduutti wanti godina tokkotti sirrii ta'e godina birootti safuu waan ta'uuf qeequun yookiin yaada kennuun nama rakkisa. Kanaafuu, hunda dura erga aadaan godinaalee hundaa hubatamee booda qaawwaa jiru mariifi qorannoon sirreessaa deemuun barbaachisaadha. Inistiitiyuutiin Qorannoo Oromoos kanumaaf qofaatti hundeeffame.

Gama biraatiin namootni kaleessa aadaa kana jibbaafi tuffachaa turan har'as bal'inaan akka jiran hubatamuu qaba. Akka kaleessaa aadaa kana awwaaluuf humna dhabanis haquufi laaquurraa boodatti hinjedhan waan ta'eef dammaquun barbaachisaadha jedhaniiru. Inumaayyuu yeroo ammaa huccuu aadaa Oromoo kaleessa balaaleffatamuu turerratti kan saba biraa makuunis bal'inaan mul'ata. Kunis matumaa dogoggora sirrachuu qabuudha. Oromoo dabalatee aadaan saba kamuu aadaa mataasaa danda'eedha.

Aadaan siyaasa osoo hintaane aadaa waan ta'eef siyaasa waliin walitti makuun hinbarbaachisu. Kallattii siyaasaatiin yoo ilaalames Itoophiyaa biyya sabdaneettii eenyummaafi aadaan of danda'an of keessatti hammattedha. Kanaafuu, tokkummaa jiru cimsuun eenyummaa ofii qabataniifi ba'uun waanuma sirriifi heeraan deeggaramuudha.



Dargaggoe Lachiisaa Guddinaa

Aadaan siyaasa osoo hintaane aadaa waan ta'eef siyaasa waliin walitti makuun hinbarbaachisu. Kallattii siyaasaatiin yoo ilaalames Itoophiyaa biyya sabdaneettii eenyummaafi aadaan of danda'an of keessatti hammattedha. Kanaafuu, tokkummaa jiru cimsuun eenyummaa ofii qabataniifi ba'uun waanuma sirriifi heeraan deeggaramuudha.

Akka isaan jedhanitti, namootni kaleessa miidhagina aadaasaniifi wallaaluun irraa baqachaafi jalaa dhokachaa turan har'a wayita gara aadaasaniitti deebi'aniifi dhimmoota garagaraarratti hirmaatan dogoggorri mudachuu mala. Oromoon saba bal'aa ta'uusaan yeroo ammaa kana godinaalee aadaa 12tti qoodameera.

Oromoodhuma gidduutti wanti godina tokkotti sirrii ta'e godina birootti safuu waan ta'uuf qeequun yookiin yaada kennuun nama rakkisa. Kanaafuu, hunda dura erga aadaan godinaalee hundaa hubatamee booda qaawwaa jiru mariifi qorannoon sirreessaa deemuun barbaachisaadha. Inistiitiyuutiin Qorannoo Oromoos kanumaaf qofaatti hundeeffame.

Gama biraatiin namootni kaleessa aadaa kana jibbaafi tuffachaa turan har'as bal'inaan akka jiran hubatamuu qaba. Akka kaleessaa aadaa kana awwaaluuf humna dhabanis haquufi laaquurraa boodatti hinjedhan waan ta'eef dammaquun barbaachisaadha jedhaniiru. Inumaayyuu yeroo ammaa huccuu aadaa Oromoo kaleessa balaaleffatamuu turerratti kan saba biraa makuunis bal'inaan mul'ata. Kunis matumaa dogoggora sirrachuu qabuudha. Oromoo dabalatee aadaan saba kamuu aadaa mataasaa danda'eedha.

Aadaan siyaasa osoo hintaane aadaa waan ta'eef siyaasa waliin walitti makuun hinbarbaachisu. Kallattii siyaasaatiin yoo ilaalames Itoophiyaa biyya sabdaneettii eenyummaafi aadaan of danda'an of keessatti hammattedha. Kanaafuu, tokkummaa jiru cimsuun eenyummaa ofii qabataniifi ba'uun waanuma sirriifi heeraan deeggaramuudha.

Aadaan siyaasa osoo hintaane aadaa waan ta'eef siyaasa waliin walitti makuun hinbarbaachisu. Kallattii siyaasaatiin yoo ilaalames Itoophiyaa biyya sabdaneettii eenyummaafi aadaan of danda'an of keessatti hammattedha. Kanaafuu, tokkummaa jiru cimsuun eenyummaa ofii qabataniifi ba'uun waanuma sirriifi heeraan deeggaramuudha.

AADAIFI AARTII



Masqala, Irreecha, waggaa haarawa: Ayyaanota yeroo walitti dhihaataa ta'etti miira walitti dhihaatuun kabajaman

Bayyanaa Ibraahimiin

Irreechi jijjiirraa bara haaraatiin kan walqabatuufi lakkoofsa guyyaafi baraatiinis hariiroo kallattii ta'e qabuudha.

Irreechi ayyaana dhugeeffannaa Waaqa uumaafi uumamtoota maraa, tokkicha maqaa dhibbaa, leemmoo garaa taliilaa, waaqa booruu galaanaa kan bacaqii birraa, isa qaqaawweefi lolaa doloooloo keessaa nu baasee booqaa birraatiin nu gahuusaatiif galanni ittiin dhihaatuudha.

Sirni kabajaafi galata galfannaa waaqaatiif taasifamu kunis harka caalaa fulbaana 18 irraa eegalee hanga fulbaana 25 kan ayyaanefatamu yemmuu ta'u, kunis jeeqqarsa qeerroofi qarreeteen dabaalamee bifa miidhagaadhaan kan kabajamuudha.

Waqtiin kun roobni guddaafi duumessi hurriin lafa uffisee qorra gannaatiin guyyaadhaan lafi itti dukkanooftu sun darbee ifa birraafi abaaboodhaan bakka bu'udha.

Gumgumni qaqaawweefi roobni yandoo cabbi'e waqtii gannaatti lafa lolaasee qilleensa diilallaa'adhaan namniifi bineensi qorra hamaaf saaxilamee ture itti aara galfatu, waqii hawaasni sababa rooba yandoo gannaatiin guuteef galaanni guatee ummanni akkaataa ittiin walarguu dhaabee ture walarguu itti eegaluudha.

Waqtiin birraa ga'ee yeroo ayyaanni irreechaa kun kabajamuu eegalutti dubartootnis ta'ee warrootni dhiiraa jeekkarsa mataa mataasaanii kan qaban yemmuu ta'u, warrootni dhiiraa yookiin Qeerroowwan jeekkarsa "Iyyookoo daraa" jeekkara jedhuun kan taphatan yemmuu ta'u, warrootni Qarreen immoo "Iyyo Iyyoo Yaa daraaroo" jedhu taphachaa akka kabajan qorataan aadaafi seenaa Obbo Charinnat Waaqwayyaa nidubbatu.

Kabajni ayyaanota Masqalaafi Irreechaa kun wantoota hedduun walitti kan hidhamu ta'uu kan ibsan qoratchi, ayyaanotni kunniin lameenuu garuu jijjiirraa bara haaraa hordofanii kan kabajaman ta'uunsaniis wantoota walisaan fakkeessu keessaa tokko ta'uu ibsu.

Akka yaadasaaniitti; ayyaana Masqalaa dursee gaafa Fulbaana 16 ayyaana

mijjiriitu jira. Mijjiriin kun mukeen jiidhaa filatamoorraa fudhatamee walittiqabamee dhaabatu yoo ta'u, Mijjiriin (Damaraan) walittikuufamee dhaabbate kun guyyaa ittaanu jechuunis gaafa 17 gara galgalaatti gubata. Sirnichis sirna gubaa Masqalaa jedhama.

Ayyaanni Masqalaa kun xomboora gubuuudhaan kan eegalamu yemmuu ta'u, ittaansuudhaan ummatni mana manasaatti xomboora abidda ittiqabsiisee gara iddoo guddaa baay'inaan ayyaanichi itti kabajamu geessi. Faaruufi dhiichisa garaa garaatiin gubaa sana marsaniis taphatu.

Namni hundi hanguma humnasaatti nyaataafi dhugaatii mana manasaatti qopheeffate qe'ee qe'eedhaan gurmaa'uudhaan garee ijaarratee nyaataafi dhugaatii unachaa gaafa Mijjiriin itti gubate sana waliin booharaa waari'u jechuudha.

Halkan gaafa 16 erga sirni gubuu Masqalaa haala kanaan adeemsifamee booda ummatni sirnicha kabaju qe'ee qe'eessaatti bifa gurmuutiin nyaataafi dhugaatii walitti fidee yookiin maallaqa walitti buusuudhaan hoolaas ta'e loon qalma bitu. Sirna gubaa Maskalaan booda loon sana qalanii alumatti walitti naanna'anii waddiisaa nyaachaa dhugaatiwwan gara garaarratti fudhachaa gammachuudhaan ayyaanicha kabajaa halkaneessu.

Bariisaa gaafa Fulbaana 17tti immoo barii sa'aatii 11:00 irraa kaasee sirni kabajaa kun haalota garaa garaatiin kan ittifufu yemmuu ta'u, kunis faaru ayyaanichaa iyyookoo daree guyyaa gaafa Fulbaana 16 yeroo gubaa Masqalaa gaggeeffamu faarfachaa turanitti deebi'uudhaan faaru yookiin jeekkarsa birraan bari'uusaa labso iyyookoo daree jedhu.

"Iyyookoo daree Masqala gubnee daree

Mana ifaa godhii daree, biyya nagaa godhii daree

Birraa mootii ayyaanaa daree, birraan bari'ee daree

Abaaboon dhoo'ee daree"

Jechaa birraan bari'uusaafi dukkanni gannaa sun ifuu, qorri darbee ho'i dhufuusaa faaruufi walaloowwan garagaraatiin ibsatu jechuudha.



Obbo Charinat Waaqwayyaa

Miidhagina ayyaana Masqalaa kana keessaa inni tokkoofi guddaan sirni gubaa ta'isaa kun nama dhuunfaatiin xombora tokko tokkoon mana manasaatti erga eegalee booda maatiisaa waliin xombooricha baatanii iddoo sirni gubaa sun itti raawwatamu geessu. Haaluma kanaan xomboorriwwan xixiqqoon namni hundi mana manasaarraa ibidda itti qabsiisee gara dirree Masqalaatti geessu. Kun yeroo bakka sirni gubaa itti raawwatamutti walitti qabamu humnaafi ifa guddaa kan uumudha.

Haalli kun ayyaanichi mallattoo tokkummaafi miidhaginaa ta'uu kan agarsiisu yemmuu ta'u, ifni abiddaa xixiqqoon ummanni mana manasaatii harkatti qabatee bahu sun iddoo tokkotti yemmuu walga'u ifa guddaafi miidhagina addaa waan uumuuf duudhaan tokkummaa kun hangam humma guddaa ta'e tokko uumuuf kan nama gargaaru ta'uu ibsuudhaaf kan barbaachisuudha.

Mukni gubaa Masqalaatiif oolu kun muka ta'ee qofaaf osoo hintaane, gosoota mukaa filatamoo sirna gubaaatiif barbaachisan jiraachuusaanii kan kaasan qorataan aadaa Obbo Charinnat, akaakuun mukeen kanneenii muka laaftoofi bakkaniisa akka hammatu ibsu.

Kanaaf yeroo mijjiriin gubaaf qophaa'u kanatti muka jiidhaa laaftoofi bakkaniisaa kanatu sanyii midhaanii cafa'ee jiru isa lafaa ol biqilee garuu hingenye keessa dhaabama.

Sababiin mukni laaftoo filatamuufis akka dhugeeffannaa Oromootti laaftoon hamaafi hamtuu nurraa dhorgi' jedhamee kan ittiin waaqa uumaa kadhatamu waan

ta'ee. Hamaafi hamtuun waraana, bala uumamaafi namtolchee kan dabalatuudha.

Ayyaanotni Masqalaafi Irreechaa kunniin karaalee hedduun walitti hidhamsiinsa gargar baasuuf daran ulfaatoo ta'an kan qaban yemmuu ta'u, gaafa Mijjiriin Fulbaana 16 galgala gubatee daaraansaa lafa bu'etti birraan bari'uusaa agarsiisa. Birraan bariinaan Irreechi dhufuusaa mirkaneessa waan ta'ee hidhata guddaa qabu.

Haa ta'uu malee namootni hedduun ayyaana Irreechaa malee ayyaanni Masqalaa kun akka waan ayyaana Oromoo hinta'iniitti yemmuu kaasan ni dhagahamu. Kun dogoggora guddaadha. Akkuman duratti ibsuuf yaale ayyaanni gubaa Masqalaa sirnoota hedduun Irreechaan walitti hidhamee akka kabajamu tartiibaan kaa'ameera. Kanaafuu, rakkoo hubannoo odeeffannoo guutuu dhaburraa maddu yoo ta'e malee ayyaanichi duudhaa Oromoo keessa kan jiruudha.

Haa ta'uu malee adeemsa sirna siyaasaafi hacuuccaa sabichi sirnoota gara garaatti dabarseen akkuma aadaafi afaan ofitiin dhimma bahuun ulfaataa dhufe ummannis aadaasaa kana sirnaafi afaansaatiin kabajachuurratti qaawwi uumamaa waan tureef ayyaanichi kan Oromoo osoo hintaane, kan warra biraa akka fakkaatuuf sababa ta'uu danda'eera.

Yeroo hunda waqtiin gannaa dhume yemmuu birraan seenutti ayyaanotni kabajaman, miciree yookiin damaraarraa kaasee, hanga Irreechaatti sirnootni raawwataman hundi hariiroo walitti hidhataafi addaan baasuun hindanda'amne qabu. Kanaafuu, namootni ayyaanni Irreechaa kun kan Oromoo ta'uu amanan Masqallis akkasuma ta'uu sababni shakkaniif hinjiraatu jechuudha.

Walumaagalatti; ayyaanotni jijjiirraa bara haaraarraa eegalani hanga mijjiriifi Irreechaatti jiran ayyaanota Itoophiyaatti kabajaman keessaa isaan guguddoo; yeroo walitti dhiheenya qabu keessatti haala daran walittihidhamsiinsa qabaniin kabajaman waan ta'aniif tokkummaa ummattoota ittiin mirkaneessuufis hedduu kan gargaaran waan ta'aniif kunuunsanii dhalootaaf dabarsuun murteessadha.

Goobeefi Shinooyee..

Booraatii Arti Piromooshinii Dargaggoo Biruk Girmaa gamasaatiin akka jedhetti, Goobeefi Shinooyee beeksisuufi guddisuuf hojiin nijalqabame malee hinxumuramne waan ta'eef qaamoleen waa'een guddina Aadaa Oromoo na ilaallata jedhan daran hojjechuu qabu.

Qabsoofi tokkummaa kaleessa turetu Magaalaa Finfinneetti Oromoon bifa akkas bareeduun ayyaanaasaa akka kabajatu taasise jedhee, gara fuulduraattis Oromoon aadaasaa guddifachuuf tokkummaasaa eeggachuu qaba jedhe.

Dargaggootni guutummaa Oromiyarraafi naannolee biraatirraa Kaarnivaalicharratti

akka hirmaatan gochuun Kaarnivaalicha tokkummaa Saba Oromoofi tokkummaa Itoophiyaatiif oolchutu barbaachisa kan jedhu dargaggoo Biruuk ayyaanotni dirreerratti kabajaman gonkumaa madda walitti bu'iinsaa ta'uu hin qaban jedhe.

Dursaan Hawwisoo Siifan Aadaafi Jiraataan Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Kuraa Jiddaa Dargaggoo Firaaw'ool Mogosis yaadota armaan olitti caqafaman qooddachuun akka jedhetti, "Finfinnee qe'ee akaakileefi Abaabilee keenyatti Aadaan keenya deebi'ee bifa kanaan yoommuu mul'atu arguun waan guddaadha.

Torbee lamaaf Finfinneefi Shaggar keessatti

karaarratti, manneen nama dhuunfaa keessatti dhaabbilee gurguddaa keessatti Kaarnivaalichi gaggeeffamaa kan ture ta'uu himee; akkaataadhuma duudhaa Goobeefi Shinooyeetiin mana nama guddaatii jalqabanii, gara Dhaabbileefi karaatti adeemuun agarsiisaa turre jedhe.

Magaalota lamaanitti kaarnivaalicha yoommuu gaggeessaa turretti aadaan bade deebi'uusaatiin baay'ee gammaduudhaan jiraattotni magaalota lamani miira adda ta'een kenna babbareedaa qopheessuudhaan hirmaattota kaarnivaalichaa simachaa kan turan ta'uus dargaggoo Firaaw'ool ibseera.

Haaluma walfakkaatuun Kuraa Jiddaarraa

tapha Shinooyeerratti kan hirmaatte Shamarree Obsituu Wanduu akka ibsitetti, akkaataan dargaggootnifi Shamarran aadaasaniitti agarsiisaa turan daran abdiin kan namatti horu ta'us, kaarnivaalicharratti namoota hedduu hirmaachisuuf akka danda'amu qaamni mootummaa sadarkaa sadarkaan jiru ofiisaatifi hubannoo qabaatee namoota dadammakuufi deeggarsa taasisuurratti sochiin ture gadaanaadha.

Qeerroofi Qarreen Shaggarirraa gara Finfinnee deemanii Kaarnivaalicharratti yoommuu hirmaatan geejjibarraa kaasee deeggarsi barbaachisu taasifamuufi qabas jetteerti.

"Malkaa Irreechaa bu'uun..

qabatani kadhaaf malkaa bu'uun hiika hinqabu. Osoo malkaa hinbu'in dura jibbi jaalalatti akkasumas waldhabbiin araarratti jijjiiramuu qaba. Malkaa saaquu abbaa malkaan dura irreeffachuun aadmaleedha.

Abbaan Gadaa Sabbooqaan Oromoota Tuulamaa qubaan lakkaa'aman kanneen qe'eesaaniiratti hafuu carraa argatan keessaa tokko. Ummatni Oromoo maqaa misoomaan qe'eesaa Finfinneerraa dhiibamee ba'uu yaadachiisani; keessumaa kabajni Irreechaa Hora Finfinnee baduunsaa ta'e deebi'uunsaa seenaa Oromoo keessatti bakka guddaa waan qabuuf kabaja malu kennuun dirqama

Oromoo maraa ta'uu hubachiisaniiru.

Deebi'uun Hora finfinnee kanaa Hacaaluu Hundeessaa dabalatee yaadannoo qabsaa'ota qaalii Oromooti jedhani; Oromoon wayita gara Hora kanaatti imalu haala uffannaa, nyaataafi dubbannaasaatiin duudhaa safeeffachaa, wareegamtoota yaadachaa nagaafi jaalalaan irreeffachuu akka qabu dhaamaniiru.

Oromoon hammataa ta'uun cinatti Irreechis qabeenya biyyattii waan ta'eef tokkummaafi jaalalaan kabajuuf kutaalee magaalota Finfinnee hundatti marii hawaasaa taasifamerratti Abbootiin Gadaas hubannoo uumuu ibsanii; hundaa ol, kabajni

ayyaanichaa kan nagaafi tokkummaan itti calaqqisu akka ta'uuf hunduu gaheesaa akka ba'atu yaadachiisaniiru.

Finfinnee, Kutaa Magaalaa Lammii Kuraatti Abbaa Gadaa kan ta'an Dhaabaa Takkaa gamasaaniin akka jedhanitti, Irreechi duudhaasaa eeggatee karaa naga akka kabajamuuf hojiin hubannoo uumuu qindoominaan kennameera. Oromoo gidduutti waldhabbiin gara waraanaatti ce'e waggaa haaraa kanatti araaraan goolabamuu qaba.

"Tiruun bultee lafee taati" akkuma jedhamu waldhabbiin Oromoo umurii dheereffatee cabaafi gaaga'amni mudatu

dhaabbachuu qaba. Oromoon walcabsuu hin qabu. Abbootiin Gadaas Oromoo gidduutti araaraafi jaalala buusuuf ifaaja taasisan cimsanii kan itti fufan ta'a.

Abbaa Gadaa Lataa Bayyanaa, Abbaa Gadaa Galaan yommuu ta'an, sirnoota darban keessatti safuu Irreechaa mitii Oromoonuu cabee ture, Har'a garuu Oromoonis ta'e aadaasaa qabsoo taasifameen bakkatti deebi'uu himanii; keessumaa mallattoo araaraa, nageenyaa, jaalalaafi tokkummaa kan ta'e Irreechi nagaafi araara buusuun karaa fakkeenyummaa qabuun kabajamuu akka qabu dhaamaniiru.



Wiirtuuleen Aadaa..

Takluu Buusaa ibsa torbee darbe Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin akka jedhanitti, Finfinneen lafa seenaan, aadaafi Afaan Oromoo itti awwaalame ta'uu waan haalamuu miti. Wantootni Oromummaa agarsiisan bakka kamuurra Finfinneetti akka awwaalamaniif sirnootni darban hojii hacuuccaa hojjechaa turan. Kanarraa kan ka'e magaalichatti agarsiistotni Oromummaa hunduu badanii turan. Waggaa 150 booda iddootti kan deebi'e irreechi Hora Finfinnee kanaaf agarsiistuu tokko.

Haata'u malee, jijjiirama siyaasaa akka biyyaatti waggoota jaha as aadaan saba Oromoo magaalichatti akka deebi'uuf mootummaan naannichaafi ummatni Oromoo waliin ta'uun hojjechuun hojiileen firii qabeeyyiin galmaa'aa jiru jedhan.

Gama afaaniitiinis hojiin Afaan Oromoo magaalichatti afaan barnootaa gochuu hojii

bu'aa guddaan ittiin argame ta'uu himanii; biirichi agarsiistuuwwan Oromummaa dagaagsuuf yaadama qofaan osoo hintaane gochaan agarsiisaa jira jedhaniiru.

Magaalichatti aadaa Oromoo deebisuun tajaajila hawaasaaf oolchuun galii argamsiisuuf kan gargaaran pirojektotni sadii ijaaramanii xumuramaa jiraachuu eeranii; ijaarsisaaniis bajata mootummaa guddaadhaan hojjetamaa jiru jedhan.

Pirojektota kunneen keessaa Kutaa Bulchiinsa Booleetti ijaaramee tajaajila kennuu kan jalqabe Giddugalli Qophiifi Leenjii Nyaata Aadaa Oromoo tokko ta'uu himanii; kaayyoonsaas nyaatniwwam Aadaa Oromoo godinaalee hundatti beekaman akkaataa qophileesaniiratti leenjii kennuu, beeksisuufi qopheessuun alatti erguudha jedhaniiru.

Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Qirqoositti

ijaaramaa kan jiruufi giddugalli Leenjii Aartii Oromoos dhibbantaa 80rra kan gahe ta'uu himanii; biyyattii keessatti giddugala leenjii aartii isa jalqabaa waan ta'eef Aadaa Oromoo beeksisu bira darbee aartii biyyattiitiif abdiin guddaadha jedhaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Lidataatti Giddugalli Gabaa, Agarsiisaafi omisha Meeshaalee Aadaa Oromoo ijaaramaa jiru ijaarsisaa dhibbantaa 99rra kan gahe ta'uu ibsanii, giddugalichi meeshaaleen Aadaa Oromoo akka daawwatamaniifi gabaa argatan gochuuf kan kaayyeffateedha jedhan.

Gara fuulduraatti tarsiimoofi imaammata mijatoo mootummaa Fedaraalaafi Naannoo Oromiyaatiin ba'anitti dhimma bahuun Aadaa Oromoo Finfinneetti sirnaan guddisuuf kallattiin kan kaa'amuus Obbo Takluun ibsaniiru.

"Nutii, Itoophiyaanon..

dabalee, nuti Itoophiyaanonni yoo ida'amne akka damaraa cimneefi ifnee mul'anna" jedhan.

Damaraan nama qabsoof abdiin hinkutanneefi hanga dhumaatti cichoomeef guyyaa tokko mul'annisa akka dhugoomuuf mallattoo ta'uus ibsanii, Masqalli tokkummaa sabdaneessummaa daandii lamaan kan ibsuudha jechuun eeraniiru.

Damaraan mukarraa gara xomboraatti, xomborri ammoo gara damaraatti karaan ittiin guddatu hammam humna akka qabu kan argisiisuudhas jedhan. Masqalli daandiilee garagaraatiin, aadaafi sirna kabajaan sabaafi sabalamootaan kan kabajamuudha jedhan.

Ayyaanonni akkanaa kan amantaa qofa akka hintaane calaqqee tokkummaa sabdaneessaati jedhani, cimnaafi humna ida'amu keessa jiru kan argisiisan mallattoowwan dhaloota dhaabaman ta'uu himaniiru.

Hundi keenya sona, aadaa, duudhaalee, dandeettii, kennaawwan, qabeenyaa, afaanota, seenaawwaniifi kanneen biroon walitti ida'amun Itoophiyaa guddoo, badhaateefi kabajamte taasisuu akka danda'an yaaduu qabna jedhaniiru.

Itoophyaan ida'ama kanneen hundaafi ida'amichaan ol akka taate yaaduu akka qabnu ibsanii, ijoollee keenyatti hiika amantaafi aadaa damaraan qabutti agarsiisuutti dabalataan "Nutii Itoophiyaanonni yoo ida'amne akka damaraa cimoo taana, akkuma daamaraa ifnee mul'anna" jechuun dubbataniiru.

Ayyaanni Masqalaa ayyaana...

Garaagarummaan yeroo sana jalqabame har'as yaaddoofi madda walitti bu'iinsaafi garaagarummaa ta'ee addunyaa kanarraa mul'ataa jira. Biyyi keenya Itoophiyaanis ayyaana Masqalaa kana kutaalee addunyaa kamuurra kan ayyaaneffattu ta'us ergaan jaalalaafi tokkummaa mul'achaa hinjiru.

Fannoon awwaalamus ergaan laphee namootaa keessa waan hinawwaalamneef mootittii Illeeniidhaan fannoon barbaadamee argamuudhaan injifannoo warra humna hafuura mormaniirratti ta'e yaadachuuf ayyaanni Masqalaa ayyaaneffama.

Wayita ayyaana kana ayyaaneffannus jaalala Yesuus fannoorratti dhaale namoota hundaaf jedhee agarsiise fudhachuudhaan

namoota hunda ija walqixaan ilaaluu, jaalachuufi tokkummaa qabaachuu qabna. Hiikaan fannoo isa kana jedhaniiru.

Batasakaana Ortodoksii Itoophiyaatti, hoji gaggeessaa olaanaan Waajjira Patiriyaarikiifi lallabaan biyyaa Baahirdaarifi Goojjamitti duree phaaphaasotaa Abbaa Abrihaam ayyaanni Masqalaa hordoftoota amantichaa biratti ayyaana bal'inaan kabajamuudha. Masqalli ayyaana fannoon mallattoo nageenyaafi jaalalaa ta'ee itti mul'ateedha.

Wayita ayyaana kana ayyaaneffannu guyyichi guyyaa itti dhala namaafi Waaqayyoon gidduutti araari bu'e guyyaa injifannoon humni hafuura itti galmaa'e ta'uu yaadachuu qabna. Yesuus fannoodhaan warri walirraa fagaatan akka

walitti dhufan, warra badan ittiin deebiseera. Kanaaf, fannoon mallattoo jaalalaafi tokkummaan ta'uu himanii; yeroo ayyaana kana kabajnus fannoon mallattoo jaalalaa, nagaafi tokkummaa ta'uu hubachuudhaan fannoodhaan naga, jaalalaafi tokkummaa lallabna jedhaniiru.

Bataskaana Ortodoksii Itoophiyaatti Bataskaana Dabra Bisraat Qiddus Gabireelirraa Qasiis Solomoon Yahuwaalaasheet ayyaanni Masqalaa guyyaa Yesuus jaalala dhala namaaf jedhee injifannoon galmaa'e yaadachuuf ayyaaneffamuudha. Namooti yeroo waldhabanitti jaalala akka qabaatan barsiisuuf fannoorratti du'e.

Jaalala inni dhala namaaf kenne nutis walii

keenyaaf qabaachuun akkasumas, jaalala kan ittibarsiifnuudha jedhaniiru. Namootni afaan, aadaa garagaraa jiru jaalalaan walittidhufanii tokkummaan jiraachuuf jaalala Yesuusirraa argatan hojirra oolchuu qabu. Yoo kun ta'e nagaafi tokkummaan keenya cimaa jedhaniiru.

Ministirri Aadaafi Ispoortii Shawwiit Shaankaa gamasaaniin ayyaanni Masqalaa qabeenya Dhaabbata Barnoota, Saayinsiifi Aadaa Mootummoota Gamtoomaniitti galmaa'edha. Yesuus jaalalasa qomoofti afaanii utuu hinqoodiin fannoorratti du'e yaadachuu kan ayyaaneffamu ta'uu himanii; hordoftooti amantichaa ayyaanichi jaalala Yesuusirraa dhaalaniin walgargaaruun waloominaafi tokkummaa waan cimsaniifi ayyaana waloo keenyaati jedhaniiru.

Oromiyaa Gandaan...

kennuudha.

Ittiwaamanni mana marichaa ummata Gandichaatiif waan ta'eef, hirmaannaa ummataa kan jajjabeessuudha. Bu'aansaas, haala ijaarsa mootummaa cimaa sadarkaa Ganda/Araddaa mijeeessuun, kaayyoo hojiiwwan misoomaa, nageenyaafi bulchiinsa gaarii milkeessuuf qabame kan tattaraarudha.

Galteewwan Milkaa'ina Galmoota Haaromsa Gurmaa'insa Ganda

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, sababoota armaan dura ka'aniifi kanneen biroo irraa kan ka'e, cehumsa Ganda/Araddaa mirkaneessuun bu'ura damee hundaa ta'uu hubatee hojiitti galeera. Tajaajila, siyaasa, hawaas-dinagdee, magaalomsuufi kkf, walumaagalatti jiruufi jireenya ummata irratti cehumsa Ganda/Araddaa giddugaleeffate dhugoomsuun dhimma filannoof dhiyeessu hinta'u.

Haata'u malee, galmi kun bilaashaan hinmilkaa'u. Gama tokkoon hoggansa cehumsaa ('transformative leadership') gama biraatiin karoora cehumsaatiin hogganamu barbaada. Kanaafis, caasaan mootummaa sadarkaa

hunda jiru, hammatto karoora galma kana gitu qopheessuuf yeroo fudhachuu hinqabu. Galii, baajata, dandeettii raawwachiistummaafi raawwattummaa saffisaan dachaa dachaan guddisuudhan humna ganda gama kamiinuu qixa kanaan gahoomsuun dirqama kan ta'us kanaafi.

Hoggansi sadarkaan jirus dhimma kana qixa barbaadamuun hogganuun, aantummaa ummata keessaa bahee mul'isuutu irra jiraata. Kun sabboonummaa Oromoo "jechuu" irraa gara "jiraachuu"tti kan ceesisu qofa osoo hintaane, faayidaa hawaasa keenyas qabatamaan kan mirkaneessuudha.

Tarkaanfiin kun siyaasa Ummata Oromootiif jijjiirama hundeerraa kan argamsiisu ta'a. Kanaanis, kara deemaafi qaamni alagaa siyaasa ummata kana qoruufi warcuu barbaadu hira hinargatu. Har'a ummanni keenya mootummaa ganda/arddaa qe'eesaatti ofiif, ofiisaatiin ijaarate 7,000 ol qaba.

Walumaagalatti, galmi haaromsa gurmaa'insa kana mootummaa ummatatti siqee ijaaru qofa osoo hintaane caasaa dandeettii naga waareessuufi misooma saffisiisuu, haqa tiksuu

akkasumas olaantummaa seeraa mirkaneessuu danda'u ijaaruudha.

Ijoo Dubbii Shan: Ganda Giddugaleeffatuu Qaban

Kana mirkaneessuuf, Wantoonni Shan Ganda/Araddaa Giddugaleeffachuu qabu: (1) Karoora Oromiyaa jechuun karoora Gandaati; (2) Raawwiin Oromiyaa sektara hundaa, raawwii Gandaati; (3) Hordoffiif deeggarsi Oromiyaa kamuu, kan gandaaf taasifamu; hoggansi aanaa, godinaafi naannoo hordoffii, deeggarsaafi daawwannaa taasise kan jennu gandaaf yoo ta'e qofa; oolmaafi bulmaanni hoggansaa ganda yoo ta'e qofa; (4) Waa hundaan humneessuun ganda aangoo, humni namaafi leecalloon gandaatti gamtaa'a; (5) Dirreen cehumsi waa hundaa tajaajila, siyaasa, hawaas-dinagdee, indaastirii gadoo, ogummaa, dhaweessummaa ('Entrepreneurshipii')fi kkf itti milkaa'u Ganda.

Walumaagalatti raawwiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa kamuu, Gandaan Gandaaf kan ta'eedha.

Guduunfaa

Haaromsa gurmaa'insa aanaafi ganda akka

naannootti adeemsifne kun, cehumsa gara tooftaa bulchiinsa ganda/arddaafi ummata giddugaleeffateetti taasifnu kan dhugoomsuudha.

Haaromsa kun, qormaatilee seenaa keessa kuufaman furuufi muuxannoowwan gaggaarii idiladdunyaa irraa barachuun, moodeela bulchiinsaa sona, duudhaafi hawwii ummata Oromoo calaqqisiisu uumuuf kan akeekedha.

Kanaanis, galmi keenya dhuma caasaa bulchiinsaa hirmaannaa ummataatiin egeree naga, haqaa, misooma ittifufiinsa qabuufi badhaadhina hundagaleessa dhugoomsuu dandeessisu ijaaruudha.

Bu'uuruma kanaan, qareeyyin (elites) siyaasaafi hawaasummaa, hayyoonni, beektonni, hojjettoonni mootummaa, hundaa'ol ammoo, hoggansi sadarkaan jirru, tarkaanfilee qixa kanaan jiran fudhachuun, galmoota qabsoo ummata Oromoo ummata dinagdeen aanga'e, dhaloota barnootaan (saayinsiifi teknolojiin) dorgomaafi sirna ummatawaa dhugoomsuu jedhaniif amanamnee, sabboonummaa gochaatiin akka sochoonu cimsee dubbachuun barbaada.

Shimallis Abdiisaa, Pirezidaantii BMNO

Omisha yeroo ammaa oyiruurrara...

lamaffaan gara xumuraarra ga'eera. Milkaa'ina hojii kanaaf ogeessoti biiroraa kaasee haga gandaatti jiran oyiruurratti bobba'udhaan sakatta'iinsaafi hordoffii dhibee, armaafi ilbiisotaa geggeessuun tarkaanfiin hatattamaa akka fudhatamuf deggersa ogummaa kennaa jiru.

Hordoffii haala qilleensaafi bu'aa qorannoo ogeeyyii federaalaafi naannoon hanga ammaatti jiruunis dhibeen akka waagii, keelloo, baalaafi jirmaa mul'achaa jira. Godina Arsii Arsii Lixaa, Shawaa Kaabaa, Shawaa Kibba Lixaa, Shawaa Lixaa, Baaleefi Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti waliigalaan hekitaara kuma 195fi 143 irratti mul'ateera. Yeroo ammaa hojii ittisaa dhibee midhaan oyiruurrara jiruu qindoominaan hojjetamaa jiraachuu himanii; hojii hanga ammaatti hojjetameenis waagii dhibbaan 97 to'annoo jala ooleera jedhan.

Dabalataaniis, dhibeen mataa qamadii daraaree gogsu keemikaalli akka biifamuuf deggersiifi gorsi ogummaa kennamaa jira. Godinaalee Arsii lamaan, Shawaa Lixaa Kibba Lixaa sadarkaa



keemikaalli biifamurra waan ga'efe keemikaaloti biifamaa jiru jedhan. Haaluma walfakkaatuun waagiin Ruuziirattis mul'achaa waan jiruuf sakatta'iinsaafi bifaan akka geggeeffamuuf gorsi ogeessaa kennamaa jiraachuu himanii; avookaadoofis akka biifamuuf qophiirra jirama jedhaniiru. Haala qilleensaafi bu'aa qorannoo ogeessotni federaalaafi naannoo geggeessan bu'ura godhachuudhaan dhibee waagii ittisuuf torbee sagaliif akeekkachiisi duraa kennamaa jira. Yeroo ammaa tana naannicha keessatti dhibee waagiif keemikaala liitira kuma 95fi 308 aramaaf liitira kuma 81 biifamuu eeraniiru.

Naannichatti miidhaa omisharra ga'u hir'isuuf qonnaan bulaas ta'ee ogeessoti yeroo yeroodhaan oyirusaanii hordofuu qabu jedhanii, keessummaa dhibeen akka wagiin xiyyeeffannoo argatee atattamaan tarkaanfiin yoon hinfudhatamne callaa akka miidhu himaniiru.

Akaakuuwwan gosoota midhaanii mallattoon dhibee utuu hinmul'atin dursee keemikaalli biifamu qabaniifis xiyyeeffannoo kennee akka biifamuuf hundumatu gaheesaa ba'uu qaba jedhaniiru.

Irreechi Oromiyaafi...

dhufan kan jiran ta'uu himanii; sabaafi Sablammoota kunneeniif Oromoon simannaa addaa taasisuun keessummeessuu qaba jedhaniiru.

Barreessaan gumichaa Abbaan Gadaa Abdurrazaaq Ahmad gamasaaniitiin akka jedhanitti, irreessa amantiifi siyaasatti dhiibuun aadmaleedha. Ayyaanicharratti Faajii Abbaa Gadaatiin alatti mallattoo ergaa biraa qabu qabatani argamuunis dhorkaadha jedhaniiru.

Akkuma sabootnifi biyyootni hedduun guyyaa galateeffannaa qaban Irreechis guyyaa Oromoon garaagarummaa tokko malee gamtaadhaan itti galateeffatu waan ta'eef namni kamuu irratti argamuu danda'a jedhaniiru.

Carraawwan maddoota Turizimii Shaggariifi...

Oromoon irratti walarguun kan darbeef waliin Uumaasaa galateeffatee kan dhufuuf ammoo waliin itti kadhatu kana mootummaan keenya yaamicha diyaaspooraafi hawaasa adda addaati taasiseera.

Carraa argame kana ittifayyadamuun akka Magaalaa Shaggaritti, Sagantaa dawwannaa diyaaspoora qopheessuu, baazaariifi

egzibishinii Irreechaa qopheessuun, marii dhimma turizimii magaalichaafi kabaja Ayyaana Irreecharratti qophaa'uu, diyaaspooraan gara biyyaa dhufan hojii misooma Invastimati Turizimii irratti akka hirmaatan hojjatamaa jira.

Oromoon saba falaasama gabbataa qabuufi qaroomina gurguddoo hedduu addunyaaf

gumaachaa har'a ga'eefi har'as gumaachaa jiru ta'uu, sabaafi sablammoota magaalichatti argaman faanas tokkummaadhaan jiraachaa akka jiran addunyaatti beeksisuuf hojjatamaa jira.

Walumaagalatti, Irreechi gaaddisa guddaa tokkummaa Oromoo addunyaatti agarsiisu ta'uu himuun, ayyaanichi kan saba Oromoo

qofa osoo hintaane, sabaafi sablammiiileen biyyattiifi biyyootni addunyaarratti argaman waan ta'eef, giddugala dinagdeefi turizimii taasisuuf akkasumas 'UNESCO' irratti akka galmaa'uuf karaa duudhaasaa eeggateen akka kabajamu hawaasni magaalaa keenyaa hundi gaheesani bahuu qabu. Waajjira Kominikeeshiini Magaalaa Shaggar



Shawaa Lixaatti omisha ruuziirraa callaa kuntaala miliyoona 1.3 argachuuf karoorfame

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Bara Omishaa 2016/17 Godina Shawaa Lixaatti lafa hektaara kuma 31fi 786 sanyii ruuziitiin uwwisuun callaa kuntaala miliyoona 1.3 argachuuf hojjetamaa jiraachuu Waajjirri Qonna Godinichaa beeksise.

Waajjirichatti Dursaan Garee Misooma Midhaaniifi Eegumsa Biqiltuu Obbo Dajanee Gammachuu Roobii darbe Gaazexaa Bariisaaf akka ibsanitti, hojiin misooma ruuzii akka biyyaattis ta'ee akka naannooti hojii yeroo dhiyoo as jalqabame ta'uus lafti omisha ruuziif oolu akkuma dabalamaa jiruun omishaafi omishtummaansaas yeroo gara yerootti dabalaa jira.

Bara omishichaa keessa aanaalee godinichi qabu 24 keessaa aanaaleen 14 potenshaala omisha ruuzii omishuuf ta'u qabaachuusaanii

kan adda baafaman ta'us sababa hanqina sanyii sababoota biroorraa kan ka'e aanaalee saddeet keessatti hojjetamaa jira jedhaniiru.

Bara omishaa 2015/2016 lafa hektaara kuma 14fi 487 irraa ruuziin kuntaala kuma 433 kan argame ta'uu yaadachiisanii; omishni 2016/2017 hanga lafa irratti omishameefi callaa cegamu kan bara darbeen yommuu wal bira qabamu dachaa lamaan kan caalu ta'uu ibsaniiru.

Qaamota omishicharratti bobba'aniif deeggarsa barbaachisaa kennuuf kilaastaraan akka omishaniif xiyyeeffannoodhaan hojjetamaa kan jiru ta'uu himanii; lafa sanyiin uwwifame kana keessaa lafti hektaarii kuma 19 ol ta'uu kilaastaraan kan misoomedha jedhaniiru.

Ammaan tana hojiin kunuunsas marsaa sadiin hojjetamee xumuramaa jira jedhani,

omishtummaan aramaadhaan akka hin hir'anneef keemikaalli farra aramaa gahaan dhiyaachaa jiraachuu dubbataniiru.

Godinichatti omisha ruuziiratti qonnaan bulaan muxannoo waan hin qabneef deeggarsi leenjiifi tekniikaas ogeessota Biiroo Qonnaa Oromiyaa dabalatee kanneen sadarkaa sadarkaadhaan jiraniin taasifamaa jira.

Naannawaa olka'iinsa lafaa, irra galaanaarraa meetira 2000 ol ta'e omisha ruuziitiif hin mijatu waan ta'eef naannawaa olka'iinsa guddaa qabanitti sanyiin ruuzii osoo hinmargin hafuunifi hanqinni sanyii hudhaalee omishichaa ta'uu himanii; qonnaan bulaan omisha barana omisha akka olkaa'uu gochuufi intarpiraayizii sanyii filatamaa waliin hojjechuun bara omishaa dhufu aanaalee potenshaala qaban hundatti omishuuf kallattiin kan kaa'ame ta'uu Obbo Dajaneen ibsaniiru.



Obbo Dajanee Gammachuu

Biyyoonni miseensa garee 7 damee qonna Itoophiyaarratti Invastii akka godhan gaafatame

Biyyoonni miseensa garee 7 damee Qonnaa Itoophiyaarratti Invastii akka godhan waamichi taasiifameera.

Itoophiyaan waltajjii misooma Qonnaa biyyoota miseensa garee 7 Xaaliyaanii Siiraakuusitti gaggeeffamaa jirurratti hirmaachaa jirti.

Ministirri Ministeera Qonnaa Doktor Girmaa Amanteen misooma Qonnaa Itiyoophiyaa ilaalchisee waltajjiratti muuxannoo qooduu ragaan Ministeera Dhimma Alaarraa argame ni mul'isa.

Itoophiyaan birmadummaa nyaataa mirkaneessuuf qamadii dabalatee omishaalee qonnaa biroon bu'aa gaarii



galmeessuu ibsaniiru.

Bu'aa caaluuf tumsaan hojjechuun murteessaa ta'uu eeraniiru.

Biyyoonni miseensa garee 7 haala mijataa biyyattiin qabdu fayyadamuun hojii misooma qonnaa Itoophiyaarratti akka bobbo'an gaafataniiru.

Ji'oota lamaan darbanitti...

ammaa kana murni Shanee bittinaa'uudhaan 100 ol kan ta'an mootummaatti harka kennataniiru. Sababuma kanaan walitti garagalani walfixaa jiraachuu himanii; kanneen harka kennatan ammoo dhiifama gaafatani hawaasatti makamuuf leenjii haaromsaa fudhachaa jiru jedhaniiru.

Tarkaanfii fudhatameen nagaafi tasgabbiin godinichatti dabalaa jira. Hojiileen misoomaa akka karoora taa'een raawwatamaa jiran keessaa inisheetiwwan qonnaa mootummaan akka fakkeenyaatti kaasaniiru. Hojiin baruufi barsiisuu gandoota godinichi qabu hundumaa keessatti galmeen barattoota geggeffamuu himanii; barattoota kuma 500 ol galmeessuuf karoorfame keessa dhibbantaa 80 ol ta'an barumsa eegalaniiru.

Galii miliyoona 500 ol sassabamuu, kenna tajaajilaan barattoota kuma 167f meshaalee barnootaa guutamee mana barumsaa akka gala ta'eera. Hojiiwwan misoomaa kunneen kan raawwataman bu'aa nageenyaa godinichatti galmaa'aa jiruun ta'uu himanii; murni Shaneedhaa guttummaa guutuutti godinicha keessaa hanga duguugamee ba'utti ummatni tarkaanfii fudhatamaa jiru akka deggeru waamicha dhiyeessaniiru.

Naannoo Affaaritti calalliin...

hawaasni naannichaa dammaqinaan akka hirmaataniif miidiyaalee garagaraa fayyadamuudhaan odeeffannoon akka qaqqabuuf hojiin beeksisuu hanga mariin eegalutti kan gaggeeffamu ta'uu himanii; mariin akka biyyaatti gaggeeffamu rakkoo biyya kanaa furuun gara nagaatti fida jedhamee amantaa guddaan hojjetamaa waan jiruuf hawaasni naannichaa dammaqinaan akka hirmaatu jechuun waamicha dhiyeessaniiru.



“Gurmaa’insi caasaa haaraa gandootaa kan hawaasarratti ijaarame osoo hintaane ummataaf ijaarame”

- Shiimallis Abdiisaa, PMNO

Jijjiirama hunda galeessa gama sochii hawaas-dinagdeefi siyaasaan argamsiisuuf caaseffamni gandaa qindaa’aan jiraachuun murteessaadha. Seenaa biyya keenyaa keessatti yeroo Dargiin haala aangootti dhufe bara 1967 caasaan gandaa bifa amma jiru kanaan ijaarame.

Akka Oromiyaattis yeroo adda addaatti godina, aanaafi gandi haaraan hundaa’aa turanis guddina dinagdeefi siyaasaa yeroo ammaa biyyi keenya irra geessee jirtuun haalli tajaajila kennamu ga’umsa waan hin qabneef gurmaa’insi caasaa gandaa haaraan hojjetamuun hojiirra akka oolu ta’ee jira. Yeroo ammaas aanaalee Oromiyaa hunda keessatti gurmaa’insa caasaa gandaa haaraan ramaddiin hoggansaaf kennamuun hojiitti galamaa jira.

Godina Shawaa Bahaa, Aanaa Lumeefi Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Alaltuufi Qimbibiititti imaluun haala gurmaa’insi caasaa gandaa irra jiru Piresidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shiimallis Abdiisaafi hoggantootni naannichaa biroon daawwataniiru.

Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shiimallis Abdiisaa haasaa Pirezidaantiintaasisaniin hayyoonni hoggansaandatti gadi bu’anii hawaasa tajaajiluuf kutannoon jiru kan nama



gammachiisu ta’uu ibsanii, manni maree Yuubaa hundaa’es gorsaafi muuxannoo qaban qooduun gurmaa’insa kana cimsuuf hojjechuu qabu jedhan. Bakka hundattis yeroo gabaabaa keessatti hojiin gurmaa’insa gandaan hojjetamaa jiru abdi namatti hora jedhan.

Mootummaan gandaa hundaa’es carraafi rakkoowwan naannoo isaa jiru adda baasuun irratti hojjechuu akka qabus himaniiru. Madaalliin hoggansa gandaa inni guddaan galii uummataa guddisuun badhaadhina maatii mirkaneessuudha jedhan.

Ganda hundaa keessatti hojii misoomaa, fayyaa, qonnaa, barnootaafi dhimmoota hunda irrattis cimee hojjetamuu qabas jedhan. Wiirtuun waa hundaa ganda. Kanaaf, sirna cimaa ijaaruu gandoota cimsuun murteessaa ta’uus himaniiru. Gadi 7200 hundaa’uus eeraniiru. Tajaajilli hundis ammaan booda ganda irratti kennama jedhan.

Ittigaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Kaffaalloo Tafarraa baroota darban milkaa’ina galmeessine cimsuuf pooteenshaala qabnu fayyadamuun

yeroo itti aanu hojjechuu qabdu jedhan. Jalqabbiin jiru gaarii ta’uu ibsuun cimee itti fufuu akka qabus yaadachiisaniiru. Hawaasnis hayyoota hoggansa isaanii bira dhufe simachuun karoorra isaanii tumsuun wajjin hojjechuu qabdu jedhan. Sadarkaa biyyaattis Oromiyaan ijaarsa caasaa gandaa haaraa ijaaruun seenaa addaa hojjetee jiraachuus himaniiru.

Hoggansa kuma 50 gara gandaatti gadi buusuun akka uummata tajaajilu taasisuus dubbataniiru. Qe’ee qonnaan bulaa hunda keessatti jijjiiramni qabatamaan dhufuu akka qabuufi Inisheetiiviiwwan bocaman sirnaan fayyadamuun oomishuu qabdu jedhan. Duubatti hafummaafi hiyyummaa keessaa ba’uun badhaadhina maatii mirkaneessuuf hawaasaafi hoggansi qindoominaan hojjechuu akka qabanis dhaamaniiru.

Hoggantoonni hojiin gandichatti ramadamaanis badhaadhina maatii mirkaneessuuf cimaniin kan hojjetan ta’uu yoo himan, hawaasni immoo tajaajila hunda naannoo isaanitti akka argataniif gandi bifa haaraan gurmaa’uu isaatti gammachuu akka qaban dubbataniiru.



Roobeetti miidhamtoota qaamaa 41f deeggarsi Wiilcharii taasifame

Roobee: Deeggarsi kun walta’iinsa dhaabbata gargaarsaa ‘Agape Mobility Ethiopia’fi Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa magaalichaatiin kan qophaa’e yoota’u; har’a bakka hoggansi mootummaafi qaamoleen garagaraa argamanitti miidhamtootaaf qaMagaalaa kenname.

Nama gargaaruuf nama ta’uun qofti gahaadha kan jedhan Ittigaafatamaan Waajjira Dhimma Hojjataafi Hawaasummaa Magaalaa Roobee Obbo Jeeylaan Qaasim kaayyoon deeggarsa kanaa gama tokkoon ayyaanicha qaama miidhamtoota waliin kabajuuf gama



biratiin rakkoo isaan mudachaa tureef furmaata waaraa kennuuf deeggarsa qophaa’e ta’uu dubbatan.

Deeggarsi Wiilcharii taasifame qarshii miiliyoona lamaa olitti akka tilmaamus ibsaniiru.

Kantiibaan Magaalaa Roobee Obbo Nigaatuu Mootummaa saganticharratti argamuun ergaa dabarsaniin; qaamaan miidhamuun sammuu miidhamuu akka hintaane

qaamaan miidhamtoota of biratti yaadachuun hojii eebbifamaa namaaf rabbi birattillee galata qabu hojjachuutu nurraa eeggama jedhan.



BARIISAA



Tashoomaa Qadiidaatiin

“Kubbaa miilaa Oromiyaa fakkaatu ijaaru qabna”

- Obbo Firoomsaa Laggasaa

Finfinnee: Naannoo Oromiyaatti ispoortii kubbaa miilaa ummata Oromoo madaalu ijaaruu xiyyeeffannaan hojjetamuu akka qabu Federeeshiniin Kubbaa Miilaa Oromiyaa beeksise.

Ittigaafatamaan Waajjira Federeeshinii Kubbaa Miilaa Oromiyaa Obbo Firoomsaa Laggasaa gaafdeebii Roobii darbe Gaazexaa Bariisaa wajjin taasisaniin akka jedhanitti bara 2017 Oromiyaatti ispoortii kubbaa miilaa guddisuuf xiyyeeffannaan hojjetamuu qaba jedhaniiru.

Oromiyaatti sadarkaalee adda addaatiin kilaboonni kubbaa miilaa 90 socho'aa jiranis liigii piriimeerii Itoophiyaa keessatti hirmaachaa kan jiran garuu lama qofa. Rakkinni kanaas akkaataa gurmaa'insaati jedhan.

Kilaboonni naannichaa guutummaatti bulchiinsa magaalotaa jala waan jiraniifi galii mataasaanii waan hinqabneef maqumaaf hundaa'anii yeroo gabaabaa keessatti waan diigamaniif ispoortii kubbaa miilaa Oromiyaarratti dhiibbaa guddaa uumuu ibsaniiru.

Naannichatti bu'uuraalee misooma ispoortii babaldhisuuf yeroo baay'ee mana marii ispoortii naanichaatiin bajanni qabamus qaamni hojjiirra oolchu waan hinhordofneef diigamuu kilaboota hedduutiin sababii ta'uu eeraniiru. Haata'u malee hoggansi haaraan amma jiru ispoortii kubbaa miilaa kaan naannicha keessatti babaldhisuudhaan maqaa olaanaa Oromiyaan kanaan dura kubbaa miilaatiin qabdu waamsisuuf kutannoodhaan hojjechaa jiraachuu

eeraniiru.

Bara haarawaa kana pirojektii kubbaa miilaa xiyyeeffannaan kenname manneen barnootaa, yuunivarsitotaafi koolleejjota naannichatti argamanitti dargaggoota guddattoota leenjisuuf qophiin duraa xumuramuu Obbo Firoomsaan ibsaniiru.

Hojii kana fiixaan baasuuf federeeshinichi ogeessota ispoortii leenjii leenjisuumaafi murtee kennummaa kennuusaa muldhisaniiru.

Naannichatti manneen hojii mootummaa, warshaaleefi abbootiin qabeenyaa kilaboota guddattoota akka hundeesan gaaffiin dhihaatus baay'eesaanii rakkinna bajataatiin humna hinqabnu jechuudhaan eeyyamamoo akka hintaanee beeksisaniiru.



Suuri Daanyee Abarraatiin

Maaraatoonii Barliinitti atileetonni keenya ni eegamu

. Muktaar Idiris gara mo'annaatti deebi'e

Finfinnee: Mootii ispoortii atileetiksiin jedhamuudhaan kan beekamu dorgommiin maaraatoonii waggaa waggaa hadhaan magaalota guguddoota Ameerikaa, Awuroppaafi Isiyaatti adeemsifamu erga jalqabee bubbuleera.

Magaalota dorgommii kana waggaa waggaa hadhaan keessummeessan keessaa tokko magaalaa guddoo Jarman, Barliini.

Addunyaarratti adda durummaadhaan kan beekamu Maaraatoonii Barliin kun riikardiiwwan hedduun kan itti fooyyeffaman yoo ta'u, borus haala miidhagaadhaan adeemsifama jedhamee eegama.

Waldaa Atileetiksiin addunyaa ('IAAF') sadarkaan pilaatiiniyeemii kan kennameef maaraatoonii Barliin kun yeroo 50ffaaf akka adeemsifamuu beekameera. Haata'u malee atileetonni beekamoon urjii addunyaa ta'an waan dorgommicharratti hinhirmaanneef hawaasa atileetiksiin mufachiiseera.

Maaraatoonii Barliin kana waggootan 11 darbaniif sadarkaa har'arra gaherra akka dhaqqabu kan taasisaniifi waggoota dheeraadhaaf walfalmaa kan turan Qananiisaa Baqqalaafi atileetii beekamaan Keeniyaa, Iluud Kiipchoogeen waan hinargamneefi.

Atileetonni lameen kunneen waggoota dheeraadhaaf taphawwan Olompikii, shaapiyoonaa atileetiksiin addunyaafi dorgommiiwwan maaraatoonii irratti hirmaachuudhaan dirreewwan dorgommiif miidhagina kenna turuunsaniin kan yaadatamuudha. Sababii kanaafi hawaasni atileetiksiin, dorgommiin atileetonni kunneen irratti hinhirmaanne qabbanaawadha kan jedhaniif.

Akkasumas bara darbe fiigicha maaraatoonii irratti dubartootaan riikardii addunyaa kan harkatti galfatteefi Olompikii Paariisitti ammoo lammaffaa bahuudhaan

meedaaliyaa meetii Itoophiyaaf kan argamsiiste Tigisti Asaffaa haaluma walfakkaatuun Maaraatoonii Barliin kanaaf maqaanshee hirmaattota keessa hingalle.

Haata'u malee fageenya kanaan beekamtoota kan ta'an atileetonni dargaggoota dubartootaa maaraatoonii Barliin 50ffaaf kanaaf miidhagina ta'uu qophaa'uunsaniin dubbatamaa jira.

Atileetonni Itoophiyaafi Keeniyaa dhiiraan ALA bara 1999 kaasee, dubartootaan ammoo bara 2009 irraa kaasee atileetota biyyoota biroo osoo of gidduu hingalchin ofumasaaniif walfalmuudhaan olaantummaa qabataniiru.

Dorgommii baranaa kanarrattis baay'inaan atileetonni dargaggoota beekamoon Itoophiyaafi Keeniyaa waan hirmaataniif akkuma mi'eeffatan waan haarawaa galmeessisu jedhamee eegamu.

Keessumaa Atileetonni Itoophiyaa Taaddasaa Taakkalaafi Tigisti Katamaa sa'aatii fooyya'aa waan qabaniif atileetota beekamoo hirmaatan keessaa adda durummaadhaan eegamaa jiru.

Bara darbe maaraatoonii Barliin kanatti sadarkaa sadaffaa argachuudhaan kan xumure atileet Taaddasaa Taakkalaa ammas dabalatinnaa jedhamee eegama.

Fiigicha gufachiisaa meetira kuma sadiin kan beekamuufi Itoophiyaa shaampiyoonaa atileetiksiin dargaggoota addunyaafi Afrikaa kanneen umrii 20 gadiin bakka bu'uudhaan meedaaliyaa meetii kan galmeessise atileetiin kun Maaraatoonii Barliin kanarratti yeroo lammaffaa hadhaaf hirmaata.

Umrii waggaa 22n maaraatoonii fiiguusaatti gaaffii kaasuusaa malee dorgommii yeroo jalqabaaf irratti hirmaatetti qabxii gaarii galmeessisuusaa abdiin inni gara fuula duraatti maaraatoonii qabu ifaadha.

Addunyaarratti sa'aatii saffisaa harkatti

kan galfate atileet Kipchoogeetti aanee sa'aatii 2:03.24s galmeessisuusaa umrii muuxannoo qabuun kan hineegamneedha. Haata'u malee atileetiin kun dandeettii qabuun dorgommii kanatti mo'ataa ta'a jedhamee eegama. Atileetota beekamoo dorgommii kanarratti hirmaatan keessaa shan sa'aatii 2:05 gadii kan galmeessisaniidha.

Dorgommiin kun ramaddii dubartootaa Itoophiyaanotaan kan dursamu yoo ta'u, Tigisti Katamaafi Ganzabee Dibaabaa warreen injifachuuf kaadhimaman keessaa adda durummaadhaan eegamu.

Gama Itoophiyaatiin atileetonni hedduun injifannoof kan eegaman yoo ta'u, Yabirguwaal Mallasaa, Mastaawot Fiqir, Azmaraa Gabruu, Siisaay Masarat, Abbaabil Yeshaaneefi Fiqirta Warataa warreen mo'annaaf eegamaniidha.

Karaa biraatiin dhuma torban darbeetti ardiwwan adda addaatti dorgommiiwwan atileetiksiin fageenya gara garaatiin adeemsifamaniitti Itoophiyaanonni injifannoo dachaa gonfataniiru.

Dorgommiiwwan kanneen keessaa fiigicha maayila 10 (kiiloo meetira 16) Neezarlaandis, magaalaa Amistardaamitti daandiirratti adeemsifameen atileet Muktaar Idiris tokkoffaa bahuudhaan mo'ateera.

Atileetti Muktaar Idiris shaampiyoonaa atileetiksiin ALA bara 2017, Landanitti, bara 2019 ammoo Doohaatti fiigicha meetira kuma shaniin walitti aansee atileeta lammii Ingiliz Mofaaraadhaan qabamee ture fageenya kanatti mo'achuusaa kan yaadatamuudha.

Haata'u malee Muktaar Idiris sababii yeroo yeroodhaan miidhaa miilasaarra gahaa tureen dorgommii Olompikiirratti dandeettisaa agarsiisuu hindandeenye.

Atileetiin kun yeroo ammaa fuulasaa gara fiigicha daandiirratti gara galfachuudhaan injifannoo kanaan dura mi'eeffate deebifachuu jalqabeera.

Atileet Muktaar Dorgommii dhuma torban darbee kanatti fiigicha maayila 10 kana kan xumure daqiiqaa 45:44 ta'uusaati. Dorgommii kanatti ni mo'ata jedhamee eegamaa kan ture lammiin Ugaandaa, Joshiwaa Chipchoogeen daqiiqaa 45:18 xumureera. Haaluma kanaan Muktaar sakondii 27n dursuudhaan sa'aatii gaarii iddoo sanaa fooyyeesseera.

Dorgommii dhuma walfakkaatu kan dubartoota jidduutti adeemsifameen atileeti Asaayyach Ayicheewu atileeta Keeniyaa ofduubatti gattee galuudhaan mo'atteetti.

Atileet Asaayyach dorgommicha sa'aatii 51:15 yoo xumurtu, atileetiin Keeniyaa ammoo sakondii 19n ishee booda daqiiqaa 51:34n galteetti. Dorgommichatti atileet Mabraat Gidayi ammoo daqiiqaa 52:14 xumuruun sadaffaa taateetti.

Dorgommii maaraatoonii Taayiwaanitti adeemsifameen ammoo atileetonni Itoophiyaa korniyaawwan lameeniinuu walduraa duubaan galuudhaan mo'ataniiru.

Atileetonni kuma 40 ol kan irratti hirmaatan dorgommii kanatti dhiiraan atileet Dasaalany Girmaa, Dajaneec Dabalaafi Asaffaa Tafarraa tartiibaan tokkoffaadhaa hanga sadaffaa ba'uun mo'ataniiru. Daqiiqaawwan muraasaan walcaalanii meedaaliyaa warqiidhaa hanga nahaasaa kan argatan Itoophiyaanonni dorgommicharratti cimina qabanis agarsiisaniiru.

Kan dubartoota jidduutti adeemsifametti ammoo Itoophiyaanonni Caaltuu Camadaafi Faantuu Zawuduu tokkoffaafi lammaffaa yoo bahan, atileetonni Keeniyaa Mooniikaa Chiibeet sadaffaa taateetti.